

XIINXALA ERGAA WEEDDUU DABOO GODINA WALLAGGA BAHAA

QORATAAN: FAYYEERAA MALLASAA

QORANNOO DIGRII LAMMAFAA (MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU
BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA 'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOLLEEJJII, SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITIITTI
MUUMMEE BARNOOTA AFAANOROMOO FI OGBARRUUTTIF DHIYAATE

HAGAYYA, 2014
JIMMAA, OROMIYAA

XIINXALA ERGAA WEEDDUU DABOO GODINA
WALLAGGA BAHAA

QORATAAN: FAYYEERAA MALLASAA
GORSITUUN: ALAMITUU OLII (PhD)

GARGAARAA GORSAA; ALAMAYYOO FAQQADAA (PhD)

QORANNOO DIGRII LAMMAFAA (MA) AFAAN OROMOO FI OGBARRUU
BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA 'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOLLEEJJII, SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITIITTI
MUUMMEE BARNOOTA AFAANOROMOO FI OGBARRUUTTIF DHIYAATE

HAGAYYA, 2014
JIMMAA, OROMIYAA

Waraqaa mirkaneeffannoo

Ani qorataan maqaaf mallattoon koo armaan gadiitti eerame ,qorannoон kun hojii koo ta'uuf kanaan duras yunivarsiitii kamiyuu keessatti qorannoон eebbaaf hin dhiyaatiin ta'uu isaa ,mallattoo kootiin nan mirkaneessa .wabiileen qorannoо kanaaf dubbisee itti gargarame wabii keessatti kaa'een jira.

maqaa ;Fayyeeraa mallasaa

mallattoo-----

Guyyaa -----

Yuunivarsii Jimmaa kollejjii saayinsii hawaasaafi namoomaa dame barnoota afaan oromoofi ogbarruutti muummee afaan oromoof kan dhiyaate waraqaa qorannoo ullaagaa digirii lammaffaa (MA) afaan oromoof ogbaruu ittiin guttachuuf ,Fayyeeraa mallasaan dhiyaate .mata duree xinxala ergaa weedduu daboo goodina wallagga bahaa aanaa giddaa ayyanaafi haroo limmuu irratti xiyyeffachuu qophaa'ee, adeemsa barbachisu guutee kan dhiyaateedha.

Koree mirkaneesse

Gorsituun Maqaa_____ -mallattoo_____ guyyaa_____

Gargaaraa gorsaa maqaa _____mallattoo_____ guyya_____

Qoraa ;keessaa Maqaa_____ Mallattoo_____ guyyaa_____

Qoraa Alaa Maqaa_____Mallatoo_____guyyaa_____

Itti gafatamaa muummee digirii lammaffaa (MA)

GALATA

Hunda dura waaqayyo isa nagargaaree kanaan na ga'eef galanni guddaan haa ga'un itti aansuun, qorannoон kun akka naaf milkaa'uuf yeroo isaanii aarsaa naaf gochuun nuffii tokko malee deggarsa cimaa wal irraa hin cinne naaf kennaa, na sirreessaa kan turan gorsaa koo Dr Alamituu Olii Dr Alamaayyoo Faqqadaa guddaan galateeffadha.

Akkasumas baasii barbaachisaan nagargaaruufi tumsa yaadaa kan naaf kennite akkasumas yeroo saa keessatti akkan raawwadhuuf qophii adda addaa kan naaf qopheessite haadha warraa koo Barsiiftuu Ilfinesh Tolasaatiif galanni koo guddaadha.

Kanamalees, Raga kennitoota koo yeroo isaanii aarsaa godhanii nuffii tokko malee wantagaafataman hunda irratti yaada naaf kennan maraaf galata guddaan qabaaf. Qorannoo kana keessatti barreffamaan kan na gargaaran obbo Hamzaa A/Raayya kabajaan koo kan onnee irraa maddeedha. Yeroon qorannoo kana hojjedhu kan nabo'aarsaa turan Siifanii Fayyeeraa otuun hin galateeffatin bira hindarbu. Dhumarratti odeeffannoo barbaachisu raga kennitoota koo irraa deemee akkanfunaannadhuuf deggarsa naaf barreessuun akkasumas waraqaafi filaashii kan naaf gumaachan galanniifi kabajni koo daangaa hin qabu.

	Baafata		Fuula
Qabiyyee			
Waraqaa mirkaneeffannoo		i	
GALATA		iii	
AXAREERAA.....		viii	
BOQONNAA TOKKOO: SEENSA.....		1	
1.1 Seenduubee qorannichaa		1	
1.2 Ka'umsa qorannichaa		3	
1.3. Kaayyoo Qorannichaa		4	
1.3.2 Kaayyoo Gooree		4	
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa		5	
1.5 Daangaa qorannichaa		5	
1.6 Seen duubee bakka Qorannichaa.....		6	
1.6.1 Aanaa Giddaa Ayyaanaa		6	
1.6.2 Aanaa Haroo Limmuu		6	
1.7. Hanqinalee Qorannoo.....		8	
1.8 Qindoomina qorannoo.....		8	
BOQONNAA LAMA: SAKATTA`A BARRUU WAL FAKKII.....		10	
2.1 Fookiloorii.....		10	
2.1.1. Gosoota Fookiloorii.....		11	
2.1.2 Faayidaa Fookiloorii.....		11	
2.3 Maalummaa Afoolaa.....		12	
2.3.1 Gosoota Afoolaa		13	
2.3.2 Maalummaa Afwalaloo		14	

2.4. Maalummaa Weedduu.....	15
2.4.1 Gosoota weedduu	16
2.4.2 Weedduu daboo	16
2.4.3. Maalummaa Daboo.....	16
2.4.5 Ergaa weedduu daboo.....	18
2.5. Yaaxina Qorannichaa.....	19
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA.....	21
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	21
3.2. Irrawwatama qorannichaa	21
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu.....	21
3.4. Madda Ragaalee (Madda Odeeffannoo)	21
3.4.1. Mala Funaansa Ragaa.....	21
3.4.2. Dawwanna/Habburraan	22
3.4.3. Afgaaffii.....	22
3.4.4. Mala Qaaccessa Odeeffannoo	22
3.5. Naamusa qorannoo.....	23
4.1. Xiinxala Ergaa Weedduu Daboo Oromoo Irratti Xiyyeffatan	24
4.1.1. Weedduu Haamaa.....	24
4.1.1.1 Onnachiisuuf	25
4.1.1.2 Wal Gorsuuf yookiin WalBarsiisuuf	28
4.1.1.3 Ittiin Wal-Qeequuf	28
4.1.1.4 Farsoo fichisiisuuf.....	29
4.1.1.5 Komachuuf.....	29
4.1.1.6 Akka namoonni daboo haamaa hin olleef weedduu weeddifamu	30
4.1.1.7 Nama haamaa guyyaasisee dhufe qeequuf	31

4.1.1. 8 Cimina isaanii yeroo haamaa ittiin mullifachuuf.....	31
4.1.1.9 Daboon haamaa yeroo galuu barbaadu	32
4.1.1.10 Weedduu daboo yeroo haamaa nyaata fidaa jechuu barbaadan.....	32
4.1.1.11 yeroo haamaa sana ittiin xaafii sana jajuuf	33
4.1.2. Weedduu yeroo midhaan dha'insaa.....	35
4.1.2.1 Wal onnachiisuuf	35
4.1.3 Weedduu yeroo gargaru hidhanii	36
4.1.3.1 Hawwii isaanii ittiin mul'isuuf	37
4.1.3.2 Fedhii omishaa isaaniif qaban ittiin ibsachuuf.....	37
4.1.4. Weedduu mana baasaa.....	38
4.1.4.1 Gammachuu isaanii ittiin mul'suuf.....	38
4.1.5. Weedduu Daboo yeroo Aramaa Midhaanii	39
4.1.5.1 Jaalala hiriyyaa isaaniif qaban agrsiisuuf	39
4.1.6 Weedduu Daboo yeroo Aanaan Raasuu	40
4.1.7. Weedduu daboo yeroo daakuu waliin daakan	41
4.1.7.1. Bu'aa midhaanii yeroo daakuu ittiin ibsuuf.....	41
4.1.8 Weedduu yeroo daboo qonnaa	42
4.1.8 .1 wal onnachiisuuf	42
4.1.8.2 Yeroo qonnaa jaalala waliif qaban ittiin waliif ibsachuuf	43
4.1.8.3 Yeroo qonnaa sana jalala qotiyooif qaban agarsiisuuf.....	43
4.1.8.4 Yeroo weedduu sanaan uumaa isaanii kadhatan.....	43
4.1.8.6 Weedduu daboo qonna wal onnaachiisuuf	45
4.1.9. Weeddu daboo yeroo tumaa midhaanii	46
4.1.9.1 Wal-cimsuuf	47
BOQONNAA 5: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO.....	48

5.1 Cuunfaa	48
5.3 Yaboo	50
WABIILEE	52
Dabalee A.....	liv
Dabalee B.....	lv
Dabalee C.....	lvi
Dabalee D.....	lvii
Dabalee E.....	lviii
Dabalee F.....	lix

AXAREERAA

Kaayyoon guddaan qorannoo kanaa ergaa weedduu godina wallagaa bahaa anaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo Limmuu irratti xiyyeefatan walitti qabuun xinxaluudha. Kanaan dura ergaa weedduu daboo anaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo Limmuu irratti xiyyeefatan aanaa kanaa walitti qabamee gadfageenyaan xinxalamee hin jiru. kanaaf qoratichi ijoolluma isaatii eeggale dhaggeeffachaa kan tureef qorachuuf hawwaa kan guddate gosa afoola kanaa xinxalee jira. Kaayyoon qorannoo kanaa galmaan gahuf akkasumas gaffilee qorannoo kana deebisuuf mala qorannoo akkamtaa kan fayyadame yoo ta'u meeshaaleen funaansa odeeffannoo kanneen akka daawwannaan Af-gaaffii hojii irra oolchuun odeeffannoo barbachisaa ta'an odeeffannoo kennitoota mala iddatteessuu miti carraa keessaaakkayyoo filaattummaan irraa funanameera. haaluma kanaan odeef-kennitooni nama digdama isaan keessaa dhiira kudha shan dubara shan qorannichaa keessatti hirmachisee jira odeeffannoo haala kanaan sassabaman iddo tokkootti deebifamuun erga ilalamee dhugummaan isaanii mirkaneffamee booda qoqqoodamuun xinxalamee jira. Akka qoranno kun bira ga'ettii weedduun daboo gamtadhaan weedafamus weedduu yeroo haamaa weedduu yeroo midhaan dha'iinsaa weedduu yeroo aramaa weedduu yeroo tumaa akka ta'an biraga'eera weedduu daaboo Weedduu yeroo gagura hidhaa weedduu yeroo daakuu daakan weedduu yeroo aanaan raasan akka ta'an bira ga'ameera ergaan weedduu daboo dinagdee yeroo hawaasummaa hawwii namni qabu agarsiisuuf seenaa mullisuu irratti kan xiyyeefatan akkata'an bira ga'eera faayidaaleen weedduu daboo walgootomsuuf ykn walcimsuuf qabeenyaa walii isaanii ittiin jajachuuf gorsuuf ykn barsiisuuf jiruuf jirenya keessaatti waaqeequuf komachuuf akka ta'an bira ga'eera dhumarratti qoranno kun ergaa weedduu daboo kan oromoo irratti xiyyeefatan akka hin badneef qaamoni gargaraa kanneen dhimmi kun ilaallatu hundi irratti hojechuu qabu bifa waraabbi fi barreeffamaatiin waajjira Aadaa fi Turizimii Aanaa giddaa Ayyanaa fi Aanaa Haroo Limmuu keessa ka'uun barbachisaa akka ta'e Qoranno kun ibseera.

BOQONNAA TOKKOO: SEENSA

1.1 Seenduubee qorannichaa

Fookilooriin hiika tokko kennuun rakkisaa ta'us mudannoofi muxannoo jiruuf jieenya dhala namaa keessaatti mul'atefi mul'atudha.Martha fi Marthine(2005, f. 2)ibsanutti

“folklore exists in cities, suburbs and rular villages, in families,workgroups And dormitories.Folklore is impresein many kindsof informal communication wether verbal(oral and written texts).customary (behevours,rituals) or material (physical objects) It involves values tradition way of thinking and behaving. Its about people and the way people learn .It helps us learn who we are and how to make meaning of the world around us”jedhu.

Yaadni Martha fi Martin kunis, Fookilooriin magalattis, badiyyattis, maatii keessatti bakka hojiif jirenyaatti kan argamudha. fookilooriin bakka waliin dubpii al idilee garagaraa keessattini argama .fookilooriin wa,ee duudhaa karaa ittiin yaaduuf hojiitti hiikuu dandeenyu agarsiisa. fookilooriin artiidha. fookilooriin waa,ee namootaa fi karaa namoonni ittiin baratanidha .wa,ee eenyummaa keenyaa akka barannuuf waa,ee addunyaa keessaa jiraannuu karaa ittiin hubachuu dandeenyu yaada jedhu qaba.Ben Amos (1971, f .10)tti "folklore is a definite realistic,artistic ,and communicative process - - -it has a cultural a and social base " jedha .Akka yaada kanaatti fookilooriin dhugaa kan ta,e amala artii kan qabuufi adeemsa wal qunnamtii akka ta'e ibsa .kanaaf fookilooriin bu'uura aadaafi hawaasaa ta'ee kan dhugaa irratti hunda'edha, amala Artis kan of keessatti qabatuufi kan adeemsaqunnamtii akka ta'e agarsiisa .Akkasumas Finnegan (1965, f. 2)fookiloorii yoo ibsu "What is folklore ?- - - any groups of people what's how ever who share at least one common factor" and"help the group have a sense of group identity"jedha. Akka yaada kanaatti fookilooriin jechuun gareen hawaasa tokkoo yoo xiqlaate kan wales isaa ta'e tokko waliif qooduu yoo danda'ameefi eenyummaa garee sanaa keessatti mul'atu taanaan fookilooriidha yaada jedhu qaba.Haaluma kanaan Gommee (1890, f. 5) akka ibsutti“folklore is often the only possible means of penetrating to the historic past of nations and it's certainly the only means of tracing out many of the land marks in the mental development man”Akka yaada kanaatti fookilooriin wantoota akka seenaatti darbanii fi keessa jiraatamu kan guddina sammuu dhala namaa waliin guddachaa kan deemu kan ta'e muldhisuun bifaa isaanii eeganii dhalootaa

dhalootaatti darbuu danda'a jechuun ibsa. Akkasumas fooklooriin seenaa waan darbees ni kaasa.Gama biraatiinGlassie (1968, f. 5) fookiloorii yoo ibsu“continuity with the past, located and association and non academic lerniing by imitation and demonstration “jedha. Akka yaada kanaatti fooklooriin itti fufiinsa Kan qabu waan darbe Kan qabu barnoota ammayya osoo hin taane akkeessuu fi daawwachuun kan baratamu akka ta'e ibseera.

Dorson(1972) fookilarii bakka gurguddoo afuritti akka qoode ibseera isaanis;Ogafaan(oralliterat) wanta aadaa(materialculture).Duudhaa hawaasaa (performining folkcustom)fi artii sochii qaama hawasa (preforming folk arts/ art folkart) akka namni Okpewo jedhamu(1992,ff.12 7-150) ogafaan Afrikaa qoratetti ogafaan dameelee gurguddoo sadu of jalaa qaba.

Afwalaloo(songsandchants),Seeneffamoota ogafaanii(oralnarratives) fi qareeyyii (wit ticism).Afwalaloon kanneen amala walaloon guutamani jiraniidha.Seenaffamooonni immoo kane een jaargocha dhangala'oon himamanii yemmuu ta'an Qareeyyiin Ogafaanota himoota gaggabaa boon himanii dha.Qoqqoddiin kun kan oromoos qoduu fi kan nugargaaruudha. ogafaanota oromo o bakka gurguddoo saditti qoode.Isaanis: Afwalaloo, afseenaa fi qareeyyii dha.

Afwalaloon (oral poetry) Afwalaloon barwalaloo (written poetrirraa) wanti adda isa godhu inni guddaan afwalaloon afaaniin dhaloottaa dhaloottatti Kan lufu yommuu ta'u qabeenyummaan isaatis kan hawaasaati Kan males afwalaloon yeroo fi iddo dhaan akkasumasakkuma dandeettii na maa dhiyeessuu sanaatiin garaagarummaa Mul'isuu danda'a dhisuu danda'a.afwalaloon barreeff ama garuu ogbaruu barreeffamaa jalatti kan ramadamu yemmuu ta'u garaa weedduun daboo erg aa fudhatamiins agaragaraa qabaachuu isaatu hubatama.Weedduun daboo kun yoomessa mataa isaa qaba. Yoomessi daboo kunis bakka hojiitti ergaa hojii xumuranii manatti galanii nyaataa fi dhugaatii irratti walbshanansiifuf weeddifam.(Taaddasee2010). Garaagarummaa hin muldhisu abbummaan isaatis kan nama Maqaa dhaan beekamuu tokkooti. Mirga abbentaa(copyright)qaba jechuudha.Walaloon walitti qabamee barreeffamuu danda'a garuu ammallee hawaasa keesatti afaaniin dhaloottaa gara dhaloottaatti darbaa waan jiruuf ogafanummaan isaa waan hafu jechuu miti.

Afwalaaloos bakka adda addaatti quoduun nidanda'ama.

Isaanis:Geerarsa,Faaruu,Weedduu,Gumgummii,Tabaalli,Eebba/abaarsa,Tapha ijoolee weeduu w alaloo miira haariitiin guutameedha.Waan barbaadan argachuu dhabuu irraa kan madde ta'uu dan da'a.Weedduu durbaa,Weedduu jaalalaa,Weedduu gootaa,Weedduu haamaa/daboo/hojii fi k.k.f

a'a.Weedduun daboo adeemsa namoonniwalitti birmatanii arka arkaan hojii wal irraa salphisuu fi ittihojjetaniidha. Yero kana immooweedduun weeddifamu kun ergaamataaisaadanda'ee of keessaaqaba.Weedduusanaanittiin waljajabeessuuf ykn kandadhabe akka itti jabaatu gochuuf itti inwalquuquuf,ittiin bashannanuuf ittii wan fedhii isaanii ibsachuuf fi ittiin wal faarsuufi ittiin ci mina isaanii ibsachuuf weedduun kun weeddifamuu danda'a.Weedduun kun kan inni weeddifam uu yeroo qonnaa,yeroo haamaa, mana mana basaa fi k. k.f ta'u danda'a. Egaa kanuma irraa ka'uudhaan weedduun daboo kun yeroo yeroo weeddifamu ergaa maalii of keessaa akka qabu ykn maaliif akka weeddifamu fi ergaa maalii akka of keessaa qabu xiinxaluuf deema. Akka Taddasee (2010)barruu isaani "misooma" jedhu keessatti ibsetti weedduun yeroo daboo(ho jii) cimsuuf dammaqinaan uumuun hojjetootatti seexaa hidhuuf yommuu ta'uweedduun hojii bo oda sagantaa nyaataa fi karoorsuuf yommuu ta'u kan weeddifamu kan fakkaatu ta'u ibsa.Yaada kana irraa immoo ergaan weedduu daboo akka ummatichaaf bu'aa qabu nu hubachiisa .

1.2 Ka'umsa qorannichaa

Qorannoo gaggeessuf wanti na kakaase Aadaa Oromoo keessatti wal jajjabeessuudhaafi aadaan weedduu dabooni jira. Kun immoo yeroo ammaa kana aadaan weedduu daboo kun ergaa mataa isaa of keessaa waan qabuuf yeroo ammaa immoo dagatamaa waan dhufef akka hin banne ykn akka hin dagatamnef bifaa barreeffamaan lafa yoo taa'e dhalootaa dhalootatti darbuu waan danda' uuf qorannoo kana akkan gaggeessuuf nakakaase.Akka Fedhasaa(2019,f. 49) Finnegan (1970) . Qaaccessa afoola daboo Godina Shawaa Kibba lixaaAanaaSoddo Daccii Adaanaa Adunyaa (2010) Finfinnee Afoola dig 2ffaa daboo Godina kana keessa jiru keessaa Aanaa Soddo Dacci keessa kan jiru walitti qabuun kan qoratee dha. Qorannoo isaa keessaa kan inni qorate.fkn Eebba yeroo daboo wabii yeroo daboo sirba yeroo daboo qorate.

Walumaa galatti qorannoof afola yeroo daboo waan keessaa adda baasee erga weedduu daboo k an jedhu irratti qaawwaa akka qabu nutti muldhisa.wal fakkeenyi isaa qorannoof kana wajjiin qa bu afoola daboo irrattidha Qorannoof kun immoo ergaatti gargaaramee weedduu daboo xiinxalu udha.Qaawi qorannoof kanaa ergaa weedduu dabooti. Qoranno kanaaf ka'umsi dagatamuufi hafuun aadaafi barsiifata Oromoo keessatti iyyuu weedduu dabooti. Walaloon afoolaa aadaa, duudhaa, falaasamaafi sona hawaasaa baatee kan jiru yommuu ta'u afaaniin dhalootaa dhalootatti waan darbuuf, adeemsaa keessa jijiiramni irratti mul'achuufi baduu danda'a. Akka Fedhasaa

(2013 f 49) Finnegan (1970) waabeffachuun eeruttis walaloon afoolaa baattuu aadaa afaniin dhaloota qaqqabuudha. Afaniin darbaa dhufuunsaas dhiibbaa qabaachuu danda'a. Haalli turti isaa barreffamaan waan hin taaneef, baraa baratti jijiiramaa deema. Haala kanaanis hawaasa keessaa dagatamuun baduu danda'a. Kaara biraatiin immoo afwalaloon jiruufi jirenya hawaasaa barsiisaa ture; sababoota dhiibbaa siyaasaa, amantiifi ammayyummaatiin dagatamaa dhufuu isaati. Kana irraan kan ka'e aadaan hawaasichaa irraanftamaa deemuun safuufi barsiifanni hawaasichaa hafaa jira. Hawaasichis aadaa isaa irraan fatee aadaa hormaan akka bulu ta'a. Faayidaa aadaan hawaasichaaf gama siyaasaan, dinagdeen, jiruufi jirenyaan kennus ni dagatama. Kanarraa ka'uun albuuda dagatamaa jiru kana oolchuufi daboo dhaloota durii biratti beekamaafi kabaja olaanaa qabu ture, qoratamee dhaloota har'aafis ta'e kan gara fuula duraatti akka darbu gochuun barbaachisaadha. Bu'uruma kanaan qorataan weedduu daboo Oromoo Godina Wallaggaa bahaa keessattuu kan Aanaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo Limuu qoratee dhiyeessa. Amma qorataan kun ilaletti daboo naannoo kanaa irratti qorannoong gadi fageenyaa hojjetamee waan jiru hin fakkaatu. Kanaaf dhimma kana irratti qorataan qoranno adeemsisa. Kanaafuu, xiyyeffanno qoranna kanaa dame afoolaa keessaa weedduundaboo Aanaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo Limmuu keessatti xiinxala ergaa akkamii irra akka jiru ibsuufi ergaa isaa qaaccessuu irratti xiyyeffate. Bu'uruma kanaa, qorannoong kun gaffilee armaan gadii deebisa.

Gaafilee Qorannichaa

1. Weedduun daboo qabiyyeewan akkamii of keessaa qaba?
2. Ergaawan weedduu daboo maal maal?
3. Ittifufinsi weedduu daboo hawaasa Oromoof maal fayyada?

1.3. Kaayyo Qorannichaa

1.3.1 Kaayyo Gooroo

Kaayyoon gooroo qoranno kanaa weedduu daboo Oromoo godina Wallaggaa bahaa Aanaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo Limmuu xiinxaluudha.

1.3.2 Kaayyo Gooree

1. Qabiyyeewan weedduu daboo adda baasuu
2. Ergaawan weedduu daboo ibsuu

3.Faayidaalee itti fifinsa weedduu daboo hawaasa Oromoof qabu tarreessuu.

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoон kun weedduu daboo badiirraa hambisurra darbee, gosoонni afoolaa biroon akka qoratamaniif karaa saaquu danda'a. Qabannisaa, ergaa weedduun daboo qabu xiinxaluun nama onnachiisa .Hawaasa naannoo kanaa keessatti gosni afoolaa kun deebi'ee akka yaadatumuufis ni gargaara. Kunis, qaamni barate tokko ergaa qabaachuu weedduu daboo baree dhaloota boodaaf a kka dabarsu ni kakaasa. Fakkeenyaaaf, yeroo qorattootni dhimmi kana gaafachuuf itti deddeebi'an fayidaa qabeessummaan afoolaa keessa isaaniitti dammaqsuu danda'a. Dabalataanis, qorannoон kun namoota kitaaba barnootaa qopheessaniif madda wabii ta'uu mala. Kana malees, namoota mata duree kanaan wal fakkaatu irratti hojjechuu barbaadaniif ka'umsa ta'a jedhamee yaadama. Kanaaf Afaan kanaan mata duree kanaan walqabatu bakka adda addaatti akka hojjetaniif qorattoota kana boodaaf odeeffannoo gaarii laachuu danda'a jechuudha.Dimshaashumatti,faayid aan qorannichaa irraa argama jedhamee yaadamu:Gosa afoolaa kana badiirraa amma tokko ambi suu danda'a

Namoota qorannoо kana fakkaatu hojjechuu fedhaniif ka'umsa ta'uu danda'a. Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Giddaa Ayyanaa Haroo Limmuu akka madda odeeffannootti fayyaduu danda'a.

- Namoota kitaaba barnootaa qopheessaniif akka madda odeeffannootti fayyaduu danda'a.

1.5 Daangaa qorannichaa

Qorannoон kun mataduree“xiinxala ergaa weedduu daboo “jedhu irratti hojjetama.Xiinxala ergaa weedduu daboo ergaa maalmaal of keessaa akka qabuu hawaasa Oromoof ergaa maalii akka dabarsuuf barumsa akkamii hawaasichaaf akka dabarsuuf xiyyeeffannoон hojjetame . Bakki qorannichi irratti xiyyeeffatu biyya Itoophiyaa keessaa naannoo Oromiyaa Godina Walla gga Bahaa xiyyeeffannoон Aanaa GiddaaAyyaanaa fi Aanaa Haroo Limmuu irratti xiyyeeffata. Sababiin ani mata duree kana filadhes baldhinni afoolaa fi dachee Oromiyaatiin walqabata. Gosoota afoolaa hundairratti hojjechuun waanhindandaa'amneef walaloo afoolaa keessaa weedduu daboon filadhe. Anis hawaasa kana keessa jiraachaa waanan jiruuf aadaa hawaasicha keessaa kanneen irra caalaan dagatamanii jiran dhimmi ergaa weedduu daboon walqabsiisee ilaaluuf onnadhe.

Egaa mata duree haala kanaan daangessuun kan barbaachiseef weedduu daboo guutuu Oromiyaa keess jiran takkatti qorachuun ni ulfaata sababiini isaas yeroo dheeraa fi baasii hedduubarbaada. Kana hambisuuf gosa kanatti gad fiduun barbaachise.

1.6 Seen duubee bakka Qorannichaa

Godinni wallagga bahaan godinaale naannoo Oromiyaa keessaa tokko kan taate giddu gala magalaa gudditti biyyatti irra gara dhihaatti kan argamu ta'ee. Aanaalee kudha torba kan qabdu ta'ee Isaanis;. Bonayya boshee. Diggaa. Gidaa ayyanaa. Gobbuu sayyoo. Gudayya biilaa. Gutoo giddaa. Haroo limmuu. Ibantuu. Jimmaa arjoo. Leeqaa dullachaa. Limmu. Magaalaa Naqamtee. Nuu -nuu Qunbaa. Sasigga. Sibuu Siree. Waamaa Agaloo Waayyuu Tukaa dha.


1.6.1 Aanaa Giddaa Ayyanaa

Isaan kana keessa Aanaan Giddaa Ayyanaa fi Aanaan Haroo limmuu isaan tokkodha. Aanaa Giddaa Ayyanaa Aanaan Giddaa Ayyanaa godinaalee wallaga bahaan keessaa tokko ta'e fageenya Finfinne irraa 443.km kan fagaattuu ta'e daangaan ishee karaa bahaan godina Horro guduruu wallaggaa Aanaa dongoro kara lixaan Aanaa limmuuf Eebantu karaa kaabaan naannoo Amharaa fi Aanaa Kiramuu karaa kibbaan Aanaa guutoo giddaafi kan dangefamtee yoo taatu Aanaan Giddaa Ayyanaa gandoota badiyyaa 21 fi kan magaalaa torba(7) kan qabdu ta'ee walii gala gandoota 28 kan qabdudha baldhinni lafaa ishee heektaara 183,063 Baayinni Ummataa dhiiraa 85,042 fi dubara 77,943 Ida'ama 162,985 nidha. Haalli qilleensa naannoo sanaa Badda badda daree fi Gammojiidha. Omishni naannoo sanaa; Midhaani Nyaataa, Xaafii, Qamadii, Garbuu, boqqolloo, Midhaan, Zayitaa Saalixii, Nuugii, Akurii, talbaa, Ummanni naannoo sanaa irra caalaan Qonnaan bulaadha. Horii isaan Horsiisan kan akka sa'a Hoolaa, Re'ee Harreefi k.k.f dha.

1.6.2 Aanaa Haroo Limmuu

Godina Wallagga bahaan keessa tokko ta'ee fageenya finfinnee irraa gara lixaatti 467.km kan fagaattuu Aanaa Limmuu Karaa dhihaan naannoo beneshangul gumuz karaa kaabaan Aanaa Eebantu karaa kibbaan Aanaa sassiggaa kan dangeffamtee yoo taatu Aanaan Haroo limmuu gandoota badiyyaa 17 fi Gandoota magalaa 2 kan qabdu ta'ee wallii gala gandoota 19 kan qabdudha. Baldhinni lafaa ishee Heektaara 14.843 baayinniUmmataa dhira 54,602 fi Dubara 46,543 Ida'ama 101,145 nidha. Haalli Qilleensa naannoo sanaa badda dareefi Gammojjidha. Omishini naanoo sanaa midhaan nyaataa Xaafii, Qamadii, Garbuu Baqqolloo Midhaan Zayitaa

Saalixii, Nuugii,Akurii Talbaa fa Ummanni Naannoo Qonnan bultootadha irra caalaan Horii
isaan horsiisan Sa'a Hoolaa Re'ee Harreefi K.K.fadha.



1.7. Hanqinalee Qorannoo

Qorannoo kana gaggeessuuf hanqinaleen naa qunnamaa ture; namoonni ani odeeffannoo irraa funaannadhu argamuu dhabuu, qorataa shakkoo, meeshaalee warabbii dhabamuu, nageenyii dhabamuu, baajennii dhabamuu, yeroon dhabamuu, odeeef kennitooni sa'a jedhametti argamuu dhabuu, iddoon qorannoo yuunversiti irraa fagaachuu, karaan yeroo adda addaatti cufamuu, dhukkubsachuu qarataa, rakkoo haala qilleensaa fi kkf rakkoo cimaa turan .Rakkoolee kana bira darbuuf immoo qorataan kun namoota odeeefkenntoota ta'aniif haala qorannichaa hubachiisuun akka isaan guyyaa beellamaa hin hafneef amansiisuun akka isaan odeeffannoo ga'aa ta'e naaf kennaniif gochuudhaan odeeffannoo irraa fudheera .

Odeeef kennitooni akka isaan qorataa hin shakkinee fi bifaa amansiisaa ta'een yaada koo maaliif akkan qorannoo gaggeessu ibsuuf faayidaa qorannichaa akka isaan hubatan tasiisuun akka isaan qorataa hin shakkine godheera .Kitaabilee wabii waa'ee daboo ibsu dhabamuu irratti immoo namoota weedduu daboo beekan gafachuun rakkoo sana fureera .Rakkoo nageenya isa jedhuuf immoo qorataan kun maaliif akka deemu qorannoon kun eenyuun akka fayyadu ibsuun akka dhimma siyaasaa hin taane ibsuun hararaan deemu .Rakkoo mallaqaa rakkoo kanaafis osoo arka hin keniin mindaan argadhu seeraan itti gargaramuun akkasumas maatii koo irraa fudhachuun baasii barbachisu guttachuun rakkoo kana furadheera .iddoon qorannoon kun itti hojjetame universitii irraa fagachuun kana immoo deeddebiin waan naa miidhuu danda'uf karaa emeelin gorsaa koo wal arguu rakkoo kana fureera Haalli qilleensaa qoratichaaf iddo qorannootti waandhukubeef rakkoolee kana keessaa ba'uuf Dawaa adda addatti gargaramuun fayyeera .

1.8 Qindoomina qorannoo

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee dhiyaate .boqonnaan tokko seensa keessatti seen du ubee ,ka'umsa ,kaayyoo ,barbachisummaa daangaa hanqinaa fi qindoominaan dhiyateera .boqonnaan lama sakatta'a barruu wal fakkii ;af walaloo og afaan, qareeyyii, wantaa aadaa weedduu, malummaa weedduu, faayidaa weedduu, gosoota weedduu ,maalummaa weedduu daboo, maalummaa daboo, ergaa weedduu daboo, faayidaa weedduu daboo fi yaaxina qorannichaaf sakatta'a qorannoo wal fakkiituu dhiyyaate, boqonnaa sadii mala qorannoo;saxaxa

qorannoo madda ragaalee mala ragaaleen ittiin funanameef mala ragaaleen ittiin xinxalame of keessatti kan hamate .

boqonnaa afur keessatti xiinxala ragaalee ergaa weedduu daboo godina wallagga bahaa aanaa Giddaa Ayyanaafi Aanaa haroo limmuu irratti xiinxalame boqonnaa dhuma keessatti ,cuunfaa ,golabaafi yaboo qorannoo yoo ta'u dhuma irratti kitaabilee wabii ,dabaleewwan akka odeeffannootti tajaajilanituu dhiyaate .

BOQONNAA LAMA: SAKATTA`A BARRUU WAL FAKKII

Boqonnaa kana keessatti yaaxina qorannichi bu'uureffatu, afoola ilaachisee dhimmoota jiran hunda osoo keessa seenee hinilaalin dura, yaada waliigalaa kaasuun barbaachisaa waan ta'uuf hojiwwan gurguddoo kanaan dura hayyoota adda addaatiin hojjetaman maalfaa akka ta'an ilaalamiera. Qaphxiileen itti xiyyeffatamus maalummaa weedduu daboo ilaachisee barruuwan hayyoota adda addaatiin hojjetaman sakatta'amee ilaalamiera. Waa'ee weedduu daboo sirriitti hubachuuf akka nu gargaaru dursinee afoola ilaachisee yaadota garaagaraa hayyooni ibsan kaasuudhaan ilaalla.

2.1 Fookiloorii

Fookiloorii ib suu irratti wal mormiin yeroo dheeraaf tureera. Sababiin isaas Fokilariin qabeenya garee hawaasaa (Lore) irratti xiyyefata kan jedhuu fi garee hawaasaa (Folk) irratti xiyyefata kan jedhuutu yaada mormii ture. Akkasumas Fokilariin amala gosa barnoota adda addaa kanneen seenaa xin-sammuu fi haalli wal qabatu jira. Fokilariij jiruu fi jirenya dhala namaa wajjin wal qabata. Dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufe dha. Mudannoo fi muxannoo jiruu fi jirenya dhala namaa keessatti mul`ate fi mul`aty dha. Fookiloorii irratti beektoonni yaada isaanii kennanis jiru.

Dorson (1972, f .5) ibsuttui “Fokilare is the part of the culture, customs, beliefs of society that based on popular tradition, it is produced by the community as usual transmitted or by demonstration”. Jedha. Yaadni kanaas Fokilariin bal`inaan aadaa, amantii, dudhaa hawaasichaa irratti kan hundaa`uu fi hawaasichaan uumamee bali`na afaniin dhalootaa gara dhalootaatti kan darbu akka ta`e namatti agarsiisa. Akkasumas akka Bascom, jedhuutti.

In major article published in 1954. Bascom argued that Fokilar can serve four primary functions in culture: Fokilar lets people escape from repressions impose up on them by society. Fokilre validates culture, justifying rituals and institutions to thus who perform and observe them. Fokilare is a pedagogic device which reinforces moral and values and builds wait. Fokilare is means of applying social pressure and exercising social control. jechuun ibsa.

Akka yaada Baascommitti, fookiloriin bu`uura aadaa kessatti kenneen ta`an aadaa keessatti bu`aa qabaachuu kannen isaan ilaaluun ga`umsa isaanii irratti murtii akka kenu, hawaasa jalaa

milqsuuf dudhaa fi safuu hawaasaa ijaaaruuf dhaabbilee gochaalee hawaasa keessaa jiraanuu to`achuuf akka tajaajilutti lafa ka`ee jira.

2.1.1. Gosoota Fookiloorii

Gosoota fookiloorii irratti ydnii gara garaa jiraatus beektoonni gaosoota fookiloorii ka`aniiru. Fookilooriin Marthin (2005) bakka saditti quoduun ibsu. Isaanis: Verbal Fokilar, Material fokilar and Cusomery lore, jechuun ibsanii jiru. Dorson (1972) bakka gurguddoo afuritti akka qoode ibseera. Isaanis: og- afaan (Oral literature), wanta aadaa (Material fokilre) dudhaa hawaasaa ykn (Social folk custom) fi artii sochii qama hawaasaa (performing folk arts). Dorson (1972, ff. 2-3) jedhuutti fokilar is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such as; festivals, dance and religious rites. The material culture comprises architecture, art and craft. The oral culture includes songs, tales, legends, proverbs and riddles). Jechuun ibsa.

Akka yaada kanatti qoqqooddiin fookiloorii dame hedduu of-keessaa qabuu fi damewwan kunis of jalatti damewwaan gara garaa akka qabu agarsiisa. Isaanis: aadaa hawasaa, amantii hawasaa, oduu durii, mammaaksa, hiibboo, faaruu ykn weedduu, meeshaalee aadaa fi dudhaa hawaasaa afgaaniin daddarban akka ta`e dha. Fookilooriin hojii kalaqaa himamsa afaanii fi gochaan akkasumas wantoota mul`tan kan of keessaatti qabatu dha. Gama biroon Solomon (2007, f. 59) ibsutti qoooddiin Dorson qabatamaa biyya keenyaa dame barnoota fookilooriin qooddii fudhatama kan qabu jechuun ibse. Garuu, qoooddiin Dorson rakkoollee gurguddoo lama qaba jedha. Kunis akka yaada isaatti yaad-rimee gosa fookiloorii bal`aa qophaatti qoramuu danda`u kan walitti kan hamate miti jechuun ibsuun rakkoo kana danda`uu qoddii ol guddisuu dha. Yaada jedhu kaasuun qooddii bakka bu`insaa fi dhaabbata siyaas hawaasaa jedhu itti dabalee qooddii isaa jaha ta`uu akka qabu yaada kenneera.

2.1.2 Faayidaa Fookiloorii

Fookilooriin faayidaa hedduu ni qaba. Faayidaa fokilarri Dundes (1965, ff. 279-298) yoo ibsa fookilooriin faayidaa gurguddoo afur qaba. Kunis bashannanaa ykn boharii, aadaaf gatii kenna. Barnoota keessatti gahee akka qabutti aadaa tiksuu gargaara jechuun faayidaa fokilarri ibsa. Dundes (1965,ff.279-298) discovers four main functions folklore. The first function to folklore is that it serves as a form of amusement or entertainment. The second consists in the

role it plays in validating culture. The third function of folklore is found in the role that it plays in education and the forth function consists in maintaining the stability of a culture”.

2.3 Maalummaa Afoolaa

Afoolli afaaniin kan dubbatamu, kan sirbam u akkasumas unka sagalee kan irra deddeebi’ amuun waljalaa qabuun raawwatamu ta’uu wayita ibsan George and Owen(1995,ff.175) “Under the rubic (oral literature) folk spoken, song, and voiced forms of traditional utterance that shows repetitive patterns” jechuun ibsa. Afoola jechuun akkuma maqaa isaa irraaa hubatamu barreefamaan osoo hinta’ in afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan daddarbaa dhufifi kan darbaa jiru, fuuldurattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti. Sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jirenya isa, heeraafi seera isaa, falaasamaafi ooda isaa, walumaagalatti, ilaalcha addunyaa irra jiru kanaaf qabu gara dhaloota itti aanutti dabarsuuf afoolli shoora guddaa qaba (BBO,1991). Weedduun kan ittiin dhiyaatu ogafaanitti gargaaramuun akka ta’e ni beekama. Ogafaan, hubanna hawaasaa ifa baasuufi jirenya hawaasa tokkoo kallaattii hedduun agarsiisuu akka danda’ufi humna kan qabu akka ta’e hayyooni Georgefi Owen (1995, f.170) “...it is the case that in folklore implicit world views, principle and themes are made explicit” jechuun ibsu. Haaluma wal fakkaatuun Bukenya (1994,f. 85) waa’ee ogafaanii ilaalchisee yeroo ibsu,

Oral literature is the heart of people’s way of life. It is the very soul of their culture. As the reservoir of a people’s values, it expresses a given society’s world view and gives them a spring board from which their day-to-day existence is prodded,” jedha.

Akka yaada kanaatti afoola haala jirenya hawaasaa tokkoo murteessuufi kuufama beekumsaa kan fuulduratti hawwasa fuudhee deemu ta’usaa hubanna. Hawaasni afoola isatiin muuxannoo jiruufi jirenyaa, duudhaafi rakkina jirenya keessatti isa mudate ittiin ibsata. Kana malees, muu xannoo hawaasni dur keessa darbe isa amma jiruuf malli ittiin qaqqabu ogafaanii. Kana jechuun, afoola aadaa uummata tokkotti lubbuu horee umurii dheeraa akka qabaatu taasisa jechuudha. Hawaasni tokko seenaa akkamii keessa darbee akka dhufe adda baafachuuf ogafaanifi waan afoola keessatti ammatamaniin ibsata. Afoola Oromoo keessatti yeroo jalqabaaf abalutu dursee kana yookaan sana jedhe jechuun nama rakkisa. Amala isaa kanatu ogafaanni qabeenya uummataati isa jechisiise.

Haata'u malee, namni uumamaan dandeettii kalaqqii qabu kalaqee hawaasaaf dabarsuun isaa nama ajaa'ibsiisa. Karaa biraatiin afoola tokko kan dubbatamu taanaan kan dhaggeeffatus waan jiruuf afoola hojii gareeti jedhamee beekama Wasanee (2008, f. 161). isaa mul'isa" jedha.

2.3.1 Gosoota Afoolaa

Afoola gosa gosatti quoduu ni danda'ama. Gosa afoolaa tokko hojiirra oolchuuf yeroo murtawaa barbaada. Bakki itti dubbatamuufi haalli itti dubbatamu murtawaadha. Isaan keessaa kanneen bu'uura ta'an Afwälaloo: afseenaa fi qareeyyii Afwälaloon (oralpoetry)Afwalaloon barwalaloo (written poetry) irraa wanti aadda isa godhu inni guddaan afwälaloon afaaniin dhalootaa dhalootatti kan lufu yommuu ta'u qabeenyummaan isaatis kan hawaasaati Kanmalesafwalaloon yeroo fi iddo dhaan akkasumas akum a dandeettii nama dhiyeessuu sanaatiin garaagarumma(variation) muldhisudanda'a. afwälaloon barreeffama barreeffamaa jalatt kan ramadamu yemmuu ta'u garaagarummaa hin muldhisu abbummaan isaatis kan nama maqaa dhaan beekamu tokkooti mirga abbentaa(copy right) qaba jechuudha. Walaloon walitti qabamee barreeffamuu danda'a . garuu ammallee hawaasa keesatti afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti da rbaa waan jiruuf ogafanummaan isaa waan haa ta'u jechuu dha miti. Afwälaloos bakka adda ad daatti quoduu ni dandanda'ama. Isaanis: Geerarsa, Faaruu, Weedduu Gumgummii, Tabaallii, Eeba/abaarsa, Tapha ijoolleefa'a. Weedu: walaloop mira haariitiin guutameedha. Waan barbaada n argachuu dhabuu irraa kan madde ta'uu danda'a. Isaanis: Weedduu durbaa,Weedduu jaalalaa, Weedduu gootaa, Weedduu haamaa/ daboo/fi k.kf. Weeduun daboo Adeemsa namoonni walitti birmatanii arka arkaan hojii wal irraa salphisuu fi itti hojjetaniidha. Yeroo kana immoo weedduun weeddifamu ergaa mataa isaa danda'ee of keessaa kan qabuudh. Makmaaksa, hiibboo, jechama, sheekkoo, oduu durii, geerarsafi weedduu fa'i Geetaachoo (2009, f. 119) .

Weeduun daboo adeemsa namoonni walitti birmatanii arka arkaan hojii walirraa salphisuu fi itti hojjetaniidha. Yero kana immoo weedduun weeddifamu kun ergaa mataa isaa danda'ee of keessaa qaba. Weeduun sanaan ittiin waljajjabeessuuuf ykn kan dadhabe akka itti jabaatu gochuuf ittiin walquuquuf, ittiin bashannanuuf , ittiin waan fedhiisaanii ibsachuuf fi ittiin wa l faarsuuf ittiin cimina isaanii ibsachuuf weedduun kun weeddifamu danda'a. Weeduun kun kan inni weeddifamu yeroo qonnaa, yeroo haamaa, mana ijaarsaa fi k.f ta'uu danda'a. Egaa kanuma irraaka'uudhaan weedduun daboo kun yeroo yeroo weeddifamu ergaa maalii of keessaa akka qabu ykn maaliif akka weeddifamu fi ergaa maalii akka of keessaa qabu xiinxaluuf deema. Akka

Taddasee (2010) barruuisaanii misooma” jedhu keessatti ibsetti weedduun yeroo daboo (hojii cimsuuf dammaqinaan uumuun hojjetootatti seexaa hidhuuf yommuu ta’uweedduun hojii booda sagantaa nyaataa fi karoorsuuf yommuu ta’u kan weeddifamu kan fakkaatu ta’uuibsa. Yaada kana irraa immoo weedduun daboo ergaa fudhatamiins agaragaraa qabaachuu isaatu hubat ama Weedduun daboo kun yoomessa mataa isaa qaba. Yoomessi daboo kunis bakka hojiitti ergaa hojii xumuuranii manatti galanii nyaataa fi dhugaatiirratti wal bashanansiifuuf weeddifama (Taaddasee 2010).

2.3.2 Maalummaa Afwalaloo

Afwaloon hawaasa dubbisu ykn barreessuu hin dandeenyeen ykn danda’uunwalaloo qindeeffa mee afaniin darbuudha. Yaadriimeen afwalaloo baayyee walxaxa adha. Akkasumaan irra keessa yoo ilaalamu garuu afwalaloon barreeffamaan osoo hin ta’in afaniin dhaloota tokko irraa isa ittiaanutti naannoo tokko irraa gara ollaatti kandarbuudha. Amma afwalaloofi barwalaloo adda baasuu kan danda’an qaphxiwwan gurguddoo sadiitu jiru. Isaanis: qindeeffam akkaataa lufummaafi hurruubummaadha. Ta’us, gama kaaniin ogwalaloowwan hunduu walfakkaatu jechuun hindanda’amu Finnegan (1976, f. 17).

Afoolaafi aadaan walitti dhufeinya guddaa qabu. Aadaan yaada bal’aa kan of keessatti qabatu ta’ee karaalee miirriifi yaadni dhala nmaa guutummaatti ittiin ibsamuudha. Dhalli nmaa ba’aa jirenyaa ofirraa salphisuuf, godaannisa jirenyaa ittiini bsachuuf, gadda isaa ittiin irraanfachuu f, miira isaa kan biraatiif quoduuf, jaalala, jibbaafi gammachuussaa ibsachuuf mudannooleesaa itti dabalee kanumu hojii kalaqa bu’aa sammuu dhala namaati. Afwalaloon Oromoo akkuma afoola Oromoo kanneen biroo dhaloota irraa dhalootatti kan darbu afaniin. Yeroo daddarbus kan yeedaloo qabu yeedaloo isaa waliin, kan hinqabnes akkuma jiruttiidha. Keessumattuu kan afoola Oromoo adda godhu afwalaloon isaa kan yeedaloo faana darbuu danda’an kan akka weedduu jaalalaa, cidhaa, weedduu daboofi kkf yoo ta’u, kan yeedaloon isaa ifatti ba’ee himmul’anne immoo kanneen akka oduu durii, hibboofi makmaaksaa fa’i. Walumaagalatti, uummanni Oromoo dirree ballaa irra qubatee kan jiraatu yoo ta’u iyyuu, iddoofi naannoodhaan osoo hin daangeffamin loogni isaa waliif kan hubatamu ta’ee argama jira.

2.4. Maalummaa Weedduu

Weedduun wallisa nama tokkoo ykn lamaa kan sagalee wal jalaa qabuun dhiiraafi dhiira, dhiiraafi dubartii, dubartiifi dubartii ta'anii taphatamuudha. Hayyooni adda addaa weedduu aadaatiif hiika garaagaraa kenu. Weedduun aadaa kan muuziqaaifi haasawaa of keessaa qabuudha. Weedduun aadaa gosa ogafaanii yeroo dheeraaf jiraatu ta'ee keessattuu faarsaan kan aadaa ogafaanii keessatti argamu, kan karaa dhaga'uufi hojjechuu baratamu, kan maatiifi garee hawaasa murtawaa biratti ballinaan argamuudha.

Gama biraatiin Muktaar yommuu ibsu, faarsaan aadaa gosa ogwalaloo ta'ee ogafaan durii kaasee tureedha Muktar (1994,f.6). Akka Gammachuun Harry Shaw (1972) waabeffachuun ibsutti,hiikni jecha weedduu “song is a short metrical composition intended for singing a lyric and balled” jedha. (Gammachuu, 2003, f. 6). Akka ibsa kana irraa hubachuun danda'amutti weedduun kan safara gabaabaa of keessaatti qabu, kan sirba garaagaraa sirbuuf gargaaruudha. Oromoon weedduudhaan haadha, abbaa, biyya, firaafi lammii isaa faarfatu qaba. Haaluma kanaan weedduuf hiika garaagaraatu kennama. Weedduun karaa uummatni Oromoo barsiifata, amantaa, duudhaa, sirna waaqeffanna, gaddaafi gammachuu isaa ittiin ibsatu kan ta'eedha.

Songs are one of the most way in which the Oromo express their traditions, customs, beliefs, rituals, sorrow and joys. And songs are the means by which the society expresses its feelings and emotion, understanding about the past, react to the present situation, teaches the new generation and forwards to the coming generation Gemechu (2003, f. 89).

Kana jechuun weedduun wantoota aadaa uummata tokkoo calaqisiisan keessaa isa tokko akka ta'e hubachuun nama hindhibu. Maalummaa weedduu Richard Bauman (1992, f.73) “Song is a short poem or other set of word set to music or meat to be sung, and a brief composition written or adapted for singing” jedhee ibsa. Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu sirbi walaloo gabaabaa ykn tuuta jechootaa sirbaman, ijaaarsa barreeffama ifaafi gabaabaa toora tooraan hubatamu, ya'aa muuziqaa kan qabu ta'uu isaa irraa argina.

2.4.1 Gosoota weedduu

Akka Gammachuun jedhutti weedduun bakkalamatti qoodama. Isaanis: weedduu weedduuaadaati Gammachuu (2003, f. 6). Xiyyeffannoon barreffama kanaa weedduu aadaa irratti waan ta'eef, kanuma ilaachisee qaphxiilee tokko tokko kaafnee ilaalla. Weedduun aadaa dirqamatti meeshaa muuziqaa hin barbaadu.

Yaada kana ilaachisee kitaabni Encyclopedea Britanica (1993, vol.11) akka ibsutti “A song can have one of the types. These are art song and folk song, the folk song does not need musical composition” jechuun kaa'a. Akka Elliott Oring (1986,f.65) “art songs have identifiable composers and are intended for performance by professionalor at least careful taught singers.” jedha. Kunis weedduu aadas ta'e kan ammayyaa akkaataa ergaafi qabiyyee isaatiin weedduu cidhaa, weedduu gootaa, weedduu daboo, weedduu loonii, kan amantiifi kkf ta'uu malu.

2.4.2 Weedduu daboo

Weedduu Oromoo ogafaaniin dhiyaatan keessaa d aboon isa tokko. Gooroon ogafaanii kun akkuma afoola biroo kan itti fayyadamtooni ogafaanichaa ittiin wal barsiisan, walgorsaniifi wal qeqan akkasumas shaakalli, amalliifi gochaan hawaasichaan jibbaman kan ittiin qeqamaniifi akka qajeelan taasifamaniidha. Kana ilaachisee Bukenya (1994, f. 86) yeroo ibsu, “Each genere of oral literature has a part to play in the education of a particular society. While expressing feelings of people and plying other apeutic role the song satirises unacceptable behaviour and warns members against misdemeanour,” jedha.

2.4.3. Maalummaa Daboo

Ayyaantuu (2013) “ daboon waliin jirenya hawaasummaa kan cimsuu fi afoola aadaa oromoo keessaa isa tokkoo ta.ee kan beekamud ha .haaluma kana irraa ka,uun boqqonnaa kana keessaatti maalummaa daboo sakata'a barruutiin deggerammee ilaalam.aakkasumas qaama sochii hawaasaati .omishaafi omishtummaaisaa guddisuudhaafi hawaasni oromoo keessatti waliin jirenya ummatichaa cimsuuf handhuura akka ta.e Ayyaantuun marsaa interneetii irratti caqastee jirti.akka yaada kanaatti daboon gamtaadhaan gamtoomanii hojii ulfaataa ta.ee guyyaa murasatti yeroo gabaabaa keessatti raawwachuuf sochii hawaasa oromoo keessatti duudhaa ta'edha. Dabalatanis (Ayyaatu 2013) tooraa interneetii” WWW ask.. com /mammaaksa.oromoo keessatti ibsa kenniteen yeroo daboo oromoon weedduuf sirba dadhabbiis isaa dagachisuufi human isaa cimsuun wal jajjabeessa.”

Yaada kana wanti hubatamu weedduu daboo keessatti hawaasni dadhabpii isaa ittiin injifachuuf wal onnachiisuuf wal morkataa jeechoota filatamaa ta'aniifi ergaa kallattiif miti kallatti dabarsaniin dhadhabitii gargaramuuun dalagaa isaanii haala salphaatiin yaaddoo tokko malee rawwachuu akka danda'anidha .

akka walii galaatti yaadni kun daboon waliin jirenya hawaasaa cimsuu bira darbees nama human hin qabneefi illee human akka ta'uufi hojii guyyaa baay'ee fudhatu guyyaa tokko keessatti kan rawwatu ta'uu isaaibsa. karaa biraatiin (Asaffaa 2007)"weedduun gerarsaaf mammaaksi oromoo yommuu imamu,weeddifamu ergaa jabduu dabarsa. Kunis gootomsuuf ,haarsuuf dadamaqsuuf ,waraqsuuf, gammachiisuuf ta'uu isaa ibsa .kanaafuu weedduun daboo keessatti isa laafe morkachiisuufi isacime gammachiisuuf tooftaafi ogummaa umamaan hawaasni oromoo gonfatedha. Haala kanaanis omishaafi omishtummaa isaa akkasumas jirenya gamtaa isaa cimsataa jiraata. Yaanni kun weedduun daboo barbaachisaa akka ta'e ibsaa. Kana jechuunis dadhabpii irranfachaa umna horachaa dadammaqaa hojetu waan ta'eef weedduun daboo hawaasaaf faayidaa qaba .Abarraa (1993, f.16)"weeddunakkuma afoola oromoo biro yoomessa mataa isaa qaba .

kanaafuu ,weedduun daboos yoomessa qaba .kunis inni tokkoo yeroo hojiin hojjetamaa jiru ,lammaffaan immoo yeroo hojiin hojjetamee boqutan nyaataaf dhugaatii irratti ni weeddifama weedduun kun immoo ergaa addaa addaa niqaba ergaan isaas addaa addadha" Jedha.akka(Tadasee 2010) Barruu isaa "Afoolaafi misooma" jedhu keessatti ibsetti .weedduun yeroo daboo cimsuufi kakaasuufi dammaqinsa uumuun hojjetootatti seexaa hidhuuf yommuu ta'u weedduun hojii boodaa sagantaa nyaataafi dhugaatii karorsuuf kan weeddifamu kan fakkaatu ta'uu isaa ibsa .yaada kana irraa immoo weedduun daboo ergaa garaa garaa qabaa chuu isaa h ubanna .weedduun daboo kunis bakka hojittif erga hojii xummuranii manatti galanii nyaataaf dhugaatii irratti wal bashanansiisuuf weeddifama.(Taddasee 2010).

2.4.4. Amala weedduu daboo

weedduun daboo amala mataa isaa ni qaba .akkuma weedduu warra biro amala dhaggeeffataa ofitti arkisuus ni qaba .weedduun kun walaloo akka gurra namaatti tolutti qindaa'ee weeddifama .weedduun kun namoonni hojii hojjetan wal jalaa qabudhaan inni kaan ni weeddisa inni kaan jalaa qabaa miira namaatti akka tolutti gochuun sagalee bareedaatiin kan weeddifamudha .kana

malees amallii weedduu kanaa utuma hojjechaa jiranii kan weeddifamuufi yeroo manatti galanii nyaata nyatanii yeroo dhugaatiin addaaddaa dhiyaatu kan weeddifamudha . kanaaf weedduun daboo amala miira ofitti nama arkisuu cimaa ni qaba.

2.4.5 Ergaa weedduu daboo

Weedduun daboo ergaa mataasaa danda'e qaba. Innis akka ummanni ykn hawaasni naanno Sanaa hojii hojjetu keessatti miira waljajbeessuu akka dagaagfatuuf shoora mataasa qaba. Kana males namni tokko miira jajjabeeffamuu argate taanaan hojiin inni hojjetu fiixaan akka bahuuf gargaara. Ergaaleen kun immoo ergaa siyaasa of keessaa qabu akkasumas ergaa waljajbeessuu, ergaa wal quuquu fi kkf 'n of keessaa qabaachuu danda'a. Ergaa weedduu daboo kana malees ergaan weedduu daboo hawaasa oromoo keessatti ittiin hiikkaa addaa addaa qabaachuu danda'an weedduu daboo sanaa keessatti weedduu sanaan kaninni ibsachuu danda'u. cunqursaa isa irra jiru ibsachuun sirna cunqursaa sana immoo akkamittiin akka ittiin of irraa kaasu bifa weedduutiin waliif ergaa dabarsa .gita bittaa alagaa jala jira yoo ta'e daboo keessatti weeddisuudhaan walitti onnee horuun akka namoonni jalaa ittiin bahaan gochuudha.

Kana malees daboo sana keessaatti wa'ee olaantummaa saba isaa ibsachuuf weedduu weeddisu keessaan ergaa,sabni koo baay'eedha .cimaadha,badhaadhaadha ,jechuun yeroo weeddisu sanatti ergaa dabarfata . kun immoo namoonni inni weedduu sana dhaga'u lakkaa nutibaay'na qabna qabeenya ni qabna jechuun akka isaan of beekan gochuudhaafidha .wa'ee qabeenya mataa isaa ibsachuu yoo barbaadee weedduu wa'ee qabeenya isaa ibsu weeddisuun karaa weedduu sanaa ergaa ni dabarfata jechuudha .kana malees waa'ee chimina hojii sana keessatti qabu ibsachuuf weedduun ni weeddifama cimna akkamii akka qabu weedduu sanan ergaa warra hojii hojjetaniif ni dabarsa.

namoota warra hojii sana keessatti dadhaban jajjabeessuuuf ykn morkachiisuuf weedduu niweeddisu weedduu sana keessatti ergaa maalii akka dabarsu namoonni dhaga'aniif hojii sana hojjechaa jiran ni hubatu .akkasumas namoota hojii daboo sana hojjechaa jiraniif xiiqii itti horuuf karaa weedduutiin ergaa nidabarsu akkahojiin sun dafee xummuramuuf xiiqii namatti horuuf wal kakasuuf weedduu niweeddisu .kanamalees yoo abbaan daboo nyaataaf dhugaatii fiduu didee weeddisuutiin namtichaatti ergaa ni dabarsu yoo farsoon qallatee fi yoo nyaanni abbaa daboo xiqaate akka namtichi fiduuff weedduu weedisundhaan ergaa ni dabarsu .akkaataa itti hojetanii jijiiraman weedduudhaan ergaa waliif ni dabarsu akkaataa itti qonnaa qotanii jijiramanii

akkaataa itti challaa gaarii argatan waliif weeddisuudhaan ergaa dabarsu kanaafuu ergaan weedduu daboo hawaasa oromoo keessatti baay'ee murteessaadha .madda www. Toora interneetii irraa .

2.5. Yaaxina Qorannichaa

Kanaaf kan Qorannoo koo Wajjiin deemu immoo Daayeessa faayidaadha. Isa jedhuu ilaaluun hundaa irraa murteessudha yaada jedhu tuu ol antummaan mul'ata.

Daayeessi kun kan buura'e barataa Melville Herskovist kanya'e nama willi jedhamuuni akka yaada ijaarsa kalaatti hawaasa tajaajiluu walitti fidu addaan giddu galeessummaan akka ijaaramuf gargara.Haaluma kanaan beekaan kun tajaajila fookulariin garagaraa qabus akkasiin ilaala mammaksii murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargara .

Hibboon dhugaa bara durduriin Amala sirreessa akka jedhamu safuu hawaasaa eeguun waan baramoo taan jechoota baramoo ta.an ykn kanneen hawaasichi itti gargaramuun ergaa dabarsaa nama bashannanisisa. Sirbi onnee gootaa cimsa. Daayeessi kun gama waanta Aadaa (material culture) akkasumas gooroowwan fookularii biroon hojii irraa ooluu nidanda akka namni Bogatrer jedhutti" the functional method expands the subject matter ethnography" warraabbiin kunis malli faayidaa fokularii saba tokko akka gadi fageenyaan haala saayinsawaa ta'een ibsamuuf kan tajaajiludha yadaa jedhu of keessaa qaba. Kanaafuu namoonni fookularii garagrmaan hundi haalla barbachisummaaa isaa hubatanii ykn faayidaa isaa irratti hunda'anii akka itti fayyadaamaniif kan carraa kennudha fookulaariin tooko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalamee hiika qabachun hin dandah'u qoannoон fookularii gara faayidaa isaatiin geegeffamuuqaba.Qorannoo tokko gaggeessuudhaaf yaaxina qorannoo sana deggaru bu'uureffac huun murteessaadha. Yaaxinaalee hayyoota adda addatiin lafa ka'aman keessaa yaaxina qoranno on kun bu'uureffate yaaaxina tajaajilaa yommuu ta'u, yaaxinni tajaajilaa afoola hawaasa tokkoo qorachuudhaan aadaa, haala jirenya isaaniifi sadarkaa qaroomina isaanii beekuuf gargaara. Yaada kana cimsuuf, Ben Amos (1975, f. 46) "The functional approach to the catagorization of oral literature actually as focused up on the relationships between forms of verbal art and cultura l and social need."

Akka yada kanaatti, yaaxinni tajaajilaa walitti dhufeenya hawaasaafi fedhii hawaasummaa gidduu kan qoratuudha. Haaluma kanaan beekuun qaaccessuu, ergaa ykn fayidaa beekuufi sadarkaa weedduun kun irra jiru bira ga'uun barbaachisaadha. Kanaaf, anis yaaxina kanatti gargaaramee afoola keessaa weedduun daboo kun ergaa isaa yeroo ammaa kana hawaasa keessatti maal irra akka jiru qoradhee lafa kaa'a. Walumaagalatti, yaaxina tajaajilaan weedduu daboo qorachuun ergaa maal irra akka ta'e xinxalee hiika itti laachuuf gargaara

2.6. Sakkata`insa qorannoolee Wal Fakkii

Iddoo kanatti mata dureewwan kanaan dura qorattoota adda addaan qorannoon irratti adeemsifame kan mata duree qorannoo koo kanaan wal fakkaatan dhiyataniiru. Haaluma kanaa, qorataan waraqaa qorannoowwanii kana kan isaa waliin walfakkaatanii hojjetamaniiru jedhee yaade sakatta'uudhaan haala itti aanee jiruunibsee jira.

Faayoo Qaadiroo bara 2009/2017 xinxala shoobdoo af walaloo tumaa midhaanii Goodina Harargee Lixaa aanaa xuulloo yuuniversiiti Finfinnetti waraqaa digirii lammaffaa guttachuuf gaggeesse kunis akaakuu weedduu hojii keessaa isa tokkodha kan dhiirotaan sirbamudha Wal fakkeenyi qorannoo koo duukaa weedduu hojii ta'uu

Qaaccessa afoola daboo Godina Shawaa Kibba lixaAanaaSoddoo Daccii Adaanaa Adunyaa (2010) Finfinnee Afoola dig 2ffaa daboo Godina kana keessa jiru keessaa Aanaa Soddoo Dacci keessa kan jiru walitti qabuun kan qoratee dha. Qorannoo isaa keessaa kan inni qorate.fkn Eebba yeroo daboo wabii yeroo daboo sirba yeroo daboo qorate.

Walumaa galatti qorannoon afola yeroo daboo waan keessaa adda baasee erga weedduu daboo k an jedhu irratti qaawwaa akka qabu nutti muldhisa.wal fakkeenyiisaa qorannoon kana wajjiin qa bu afoola daboo irrattidha.

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoonaan kunis Kan gegefaamu mala qorannoo akkamtaa fayyaamu dhanidha malli akkamtaa haalli jiruuf jirenya hawaasichaay ykn Amala hawaasa Sanaa akkataa bifa inni qabuu fi maal jechuu akka inni ta'ee kanittiin xinxalamudha singh (2007)" gaaffii attamitti jedhu kaasuun baldhinaan qorachuuf haala mijessaa jedha.

3.2. Irraawwatama qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa hawaasa godina Wallaggaa baaha aanaa Giddaa Ayyaanaa fi Aanaa Haroo Limmuu keessaa jiraatanii dha.

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoo kana keessatti tooftaan iddatteessuu ogeessota, hawwaniifi maanguddoota Aanaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo limmuu waa'ee weedduu daboo ilaachisee muuxannoo qabu jedhaman mala carraa malee iddatteessuu keessaa tokko kan ta'e mala akkayyoo fayyadamuudhaan hojjetama. Malli akkayyoo (purposive) kun akkuma maqaasaa irraa hubatamu akka kaayyoo qorannichaatti od kennitootaa filachuun waan ta'eef itti fayyadameen jira. Dhimma kana Addunyaa (2019,f.65) akka ibsetti qorataan tooftaa kamiinuu fayyadamee iddattoo filachuun waan hin oolleef kanneen dhimmichi ilaallatu hundarrraa odeeffannoo funaunuun rakkisaa waan ta'uuf iddattoo filachuun barbaachisaadha jedhe. Manguddoota umurii 60 olii Jarsolii dhiira 5 beerran2 dubartoota 2 Ogeeyyiin biiroo A.T kan barreeffamee w/r keessaajiruu natti himu dandan dhiira 2 fi dubara 2 Dargagesotaa 5 shamarran 2 walumaa gala dhiira12 dubara 8 =20. Walumaa galattii nama 20 fudheera. Raga 2ffaa waan warabamee jiruu biiroo addaafi turizimii fudhachuufi Meeshaan naagargaruu Dawwannadha.

3.4. Madda Ragaalee (Madda Odeeffannoo)

Qorannoo tokkoaa deemsisuudhaaf madda ragaalee argachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan qorataan ogeessota waajjira aadaafi turizimii aanichaa, maanguddootaafi beerran umuriin raagan akka madda ragaatti gargarama.

3.4.1. Mala Funaansa Ragaa

Odeeffannoonaan qorannichaay kan walitti qabamu afgaaffifi marii gareetiin ta'a. Qorannoo kana keessatti qorataan mala akkamtaa (qualitative) kan gargaarame si'a ta'u gaaffileen afaaniiifi marii maanguddoota waa'ee walaloo daboo Aanaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo Limmu beekaniif

qopheessuun gaafatama. Malli funaansa odeeffanno qorannoo kanaa afgaaffiif dawwannaayommuu ta'u, malleen kun qorataan tokko qaama dhimmichi ilaallatu waliin fuulatti haasa'uun odeeffanno qorannoo isaaf barbaachisu argachuuf malli qorannoo kun malleen qorannoo irra amanamaa akka ta'e Zolten (2007) ni ibsa.

3.4.2. Dawwannaah/Habburraan

Meeshaa odeeffanno ittiin funnan keessaa isa tokkodha. Meeshalee kanaan odeeffanno dhugaa ta'e qaamaan bira ga'anii waan argan rageessudhan waan gargaruf qoratanis bakka weeduu daboo kanaf filatamee deemudhaan weedduu dabookana sassabbuun ergaan weedduu daboo kun maali kan jedhuu phootoo ykn vidiyoon agarsiisuudha. Qorannoon kun kan gaggeeffame mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun. Malli akkamtaa haalli jiruufi jirenya hawaasichaa yookaan amala hawaasa sanaa akkaataa, bifaa inni qabuufi maal jechuu akka ta'e kan ittiin xiinxalamuudha. Singh (2007) "gaaffii hattamitti jedhu kaasuun bal'inaan qorachuuf haala mijeessa" jedha. Kanaaf, qorataan kun daboo irratti xiinxala adeemsise afgaaffiifi gaaffii marii gareetiin haala armaan gadiitiin dhiyeesse.

3.4.3. Afgaaffii

Mala ragaa funaunuuf qorataan itti gargaarame keessaa tokko afgaaffii yeroo ta'u kunis gaaffilee afaaniif maanguddootaafi beerran dargaggootaaf shammarra manguddoota 5 fi beerran 2 ogeessota 2 dargaggoota 2 fi shammaran 2 aanicha keessatti argaman keessaa ota waliigala namoota 8 filachuudhaan qorannichi geggeeffame. Aanaa Giddaa Ayyaanaa fi harooLimmuu ila alchisee hanga ammaatti qaacceffamee ragaan qorannoo kanaaf na gargaaru waan hinjirreef malli afgaaffii qorataan kun filate qorannoo kanaaf mala odeeffannoottiin argatan keessaa mala filatameedha3.

3.4.4. Mala Qaaccessa Odeeffanno

Meeshaanod eeffannoowwan ittiin funaanaman afgaaffiifi dawwann yommuu ta'an maanguddo ota, beerraniifi ogeessota waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo Limmuu irraa maloota kanaan funaanaman qaacceffamanii dhiyaataniiru.

Odeeffannoowwan funaanaman kunis kaayyoo gooree qorannichaa bu'uura godhachuun, haala walitti dhufeeyna qabaniin walitti fiduun tokkoon tokkoo isaanii gosa gosaan adda ba'anii ragaaleen argaman qaacceffamaniiru. Kunis ragaan qorannoo qorataan afgaaffiifi marii gareetiin walitti qabe mala ibsa akkamtaatiin haala ifa ta'een qaacceffama.

3.5. Naamusa qorannoo

Dhimmoota qorannoo keessatti xiyyeffannoo barbaadan keessaa tokko naamuusa qorannooti. kanaafuu qorataanis hanga dandaa' ametti naamuusa qorataa tokkoraa barbaachisu hunda eeguun qorannoo amanamummaa fi fudhatamummaa eeggate gaggesseera. Qorataanis odeeffannoowwan fiixaan bahiinsa qorannichaatiif barbaachisan gaggesseera. Qorataanis odeeffannoowwan fiixaan bahiinsa qorannichaatiif barbaachisan karaa iciitii odeef kennitootaa eeggateen sassaaba ma. qorataan duraan dursee odeef ken nitoota irraa odeeffannoowwan murteesso amanamummaaf fudhatamummaa isaanii eeggatan argachuuf iciitii isaanii eeguuf akka qabu waadaa seenuufiin odeef kennitootaanis iciittii kaayyoo qorannichaa karaa eeggateen odeffannoobarbaachisu laachuudha.

BOQONNAAFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAALEE

Hawaasni Oromoo akkuma hawaasa kamii aadaa daboo kan mataa isaa kan ittiin jirenya isaa gaggeeffatuqaba. Aadaan Daboo kanneen: qonna, horsiisalonii, gaagura hidhuu fi hojiwwan mana keessaa dubartootaan raawwataman keessatti ni gaggeeffama. Hojiin qonaa hojiwwan adda addaa of keessatti hammata. Isaanis: qotiisa, haamaa, midhaan sassaabbii, aramaa fi kannee nbiroodha. Loon kan horsiisanif jiruuf jirenya dhala namaa keessatti bu'aa hedduu waan argamsiisaniifi. Kunis bu'aa qaama isaanii irraa hojiwwan qonaa sadarkaa garaagaraatti ittiin waan raawwatamaniifi. Hojiwwan hawaasa Oromoorn raawwataman biroonis kanneen akka gaagura hidhuufi hojiwwan mana keessaa (tumaa midhaanii,aannan raasuu fi daakuu daakuufaadha) Akka odeeffannoo kennitooni jedhanitti hojiwwan kanneen kan raawwataman gamtaadhaanidha. Hojiin gamtaan hojjatamu daboo yookiin daadoo dhaan kan raawwatamu dha. Daboon kadhatamanii waan dhaqaniif dugda walii baasuun dirqamamiti. Daadoo keessatti garuu dugda walii baasuun dirqama waanta'eef dabareen kan wal gargaarani dha.

egaa walumaa galatti hawaasni Oromoo Dabooowwan adda addaa gareen kan raawwatani dha. Weedduun daboo sana waliin wal qabatan dadhabbi fi nuffii tokko malee kan raawwatani dha. Kanaaf boqonnaa kana keessatti; gosoota Weedduu Daboo, ergaa Weedduu Daboo fi faayidaa weedduu daboo Oromoo irratti xiyyeeffatan Aanaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo Limmuu walitti qabaman ilaachise eragaa bifa af-gaaffii, daawwannaan funaanamantu armaan gadittibarreeffamaniiru.

4.1. Xiinxala Ergaa Weedduu Daboo Oromoo Irratti Xiyyeeffatan

Akkaod-himtooni jedhanitti weedduu daboo irratti xiyyeeffatan baay'een yeroo dabootti raawwatu weeddifaman akkaataa hojichaatiin kan gaggeeffamani dha. Isaanis gariin kan gareedhaan gaggeeffaman yoota'an. Weedu kunis yeroo qonaa, yeroo haamaa, yeroo sirbaa sirbisiisan oogdii, yeroo midhaan /xaafii/ dha'insaa kan hojiin booda galgala sirbaman. Yeroo gaagura hidhuu, yeroo aramaa adda addaa, yeroo Aannan raasuu, yeroo tumaa midhaanii fi yeroo daakuu daakanfa'a.

4.1.1. Weedduu Haamaa

Akka od-himtooni jedhanitti haamaan Daboo yeroo baay'ee ummanni Oromoo naannoo kana jiraatan Daboo dhaan kan hojjatani dha. Kan haamanis gosoota midhaanii kanneen akka: Daagujja, Xaafii, Garbuu fi Qamadii yoo ta'an; isaanis waqtii bonaa yeroo midhaan kanneen

bilchaatani dha. Haamaanis bifa ammayyaan konkolaataa dhaan akkasumas bifa aadaatiin immoo, haamtuu dhaan kan haamamu dha. Hawaasni yookiin qonnaan bultoonni Aanaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo Limmuu gosoota midhaani isaan omishan Daagujja, Xaafii, Garbuu fi Qamadii yoota'an; daagujjaan omisha bal'inaan aanicha keessatti omishamudha. Ummanni aanichaasakkuma ummata Oromoo biro jirenya hawaasummaa kan qabu yoo ta'u; daboo kan waliif hirmaatudha. Meeshaan ittiin haamanis haamtuu jedhama. Innis mukaa fi sibiila irraa hojjatama.

Akkasumas abbaan Daboo ykn maatiin Daboo kadhatan daboop dhangaa nyaataafi dhugaatii kanneen akka farsoo, daaboo, cumboo, beddoo, mulluu, budeena, qopheessu. Daboon yeroo haamaa weedduu adaa addaa osoo hin nuffiin akkasumas hin dhabiin hawaasummaan hojjetu. weedduu yeroo haamaa gareen wal jalaa qabuun kan weeddifamudha. Namni dura bu'ee weeddichaa weeddisuu sun wallee yoo ta'u walleen suna nama qooqa bareedaa qabu ta'a. kanneen biro immoo kanneen jalaa qaban immoo cooqxuu ykn jala goodota jedhamu. kunis qabiyyee garagaraa kan qabu yoo ta'u haala armaan gadiin xinxalameera

4.1.1.1 Onnachiisuuf

wal siyeessuuf kan isaan itti gargaarama weedduu akka armaan gadiitti weeddisuun wal jajjabeessu haamaa midhaa jechuudha.

Siiyee siiyee siiyees egaa

Yaa lafoo dabeesi illee (2*)

(madda Akkasaa Kumsaa Amajji 3/5/2014 Ganda kalaala)

Kan jedhu kana yoo ilaallee; siiyee, jichi jedhu nama yeroo hojjin hojjetamu wallee ta'uun namoota gareen hojjetan weedduun siiyyeessuudha, siiyeessi egaa yaa lafoo dabeessi illee yaadrimeen gaalee kanaa immoo nama hojjitti laafaa dhadhabaa dhiba'aa yookin nama siya'ayinaan hojji hin hojennee illee jajjabeessi ykn onnachisi akka hojetu taasiisi jechuudha

Mulluun hin mi'oofuu yoo miyeessan malee

Laaftuun hin si'oofuu yoo si'eessan malee

(Madda Abdiisaa Kabbadaa Ganda Goobu guddaa amajji 8/5/2014)

Weedduu kana yoo ilaallee mulluun hin mi'ooftuu yoo miyeessan malee muulluun aadaa Oromoo keessatti yeroo daboo ni dhiyaata laaftuun hin si'ooftuu yoo si'eessan malee kan jedhu kun nama dhadhabe onnachisuufidha

Weedduu daboo haamaa

Yaa Haamilee,

Haamtutu dide moo

(Dassalee waqtolee Goobu guddaa 5/9/2014)

Haamaa wallaaltee?"weedduu yeroo haamaa qonnaan bultootan weeddifamu keessaa.

Waliin hojjechuun uummata Oromoof aadaadha. Aadaa ummatni oromoo ittiin beekamu keessaa Aadaan wal gargaarsaa fi waliin Amajji hojjechuu isa tokko. Qunceen wal gargaartee Arba hiiti akkuma jedhamu,hojii turtii yeroo dheeraa fudhachuu danda'u yeroogabaabaatti xumuruuf shoora olaanaa qaba. Kun ammoo aadaa wal gargaarsaa ummatichaa calaqqisiisuun cinaatti walitti dhufeenyaa gama hawaasummaan jiru cimsuufis murteessaadha Aadaan wal gargaarsaa fi waliin hojjechuu wantoota ittiin ibsam an keessaa daboo /Jiigii jedhamuun kan beekamu,keessaa sassaabbiin midhaanii isa tokko yoo ta'u; Keessummattuu yeroon haamaa midhaanii addatti kan beekamuudha.

Milkaa'ina hojiifis weedduuwwan garagaraa kan dadhabe ittiin jajjabeessanii fi miira dorgommii uuman wal onnaachiisuuf weedduu kana weeddisu jechuudha .

Yaa hamilee

hamtuutu sididemo

hamaa wollaalteree

Asiin gad kaadhu

Kaatten fagatin

Hamtuu rogaan haamii

Nyaatte hin dhaabbatin

Sareen teepha nyaatte

Katamaa kessatti

Gadheen duubatti haftee

Hamilee bira

Haamtutu dide moo

Haamaa wallaaltee?"weedduu yeroo haamaa qonnaan bultootan weeddifamu keessaa.

Waliin hojjechuun uummata Oromoof aadaadha. Aadaa ummatni oromoo ittiin beekamu keessaa Aadaan wal gargaarsaa fi waliin Amajji hojjechuu isa tokko. Qunceen wal gargaartee Arba hiiti akkuma jedhamu,hojii turtii yeroo dheeraa fudhachuu danda'u yeroogabaabaatti xumuruuf shoora olaanaa qaba. Kun ammoo aadaa wal gargaarsaa Yaa h a amilee haamtuutu sididemo haamaa wollalteree

Mikaa'elin essaa
 Ittan irrefadha
 Bakka gootan dhaqaa
 Dhaqeen ilalladhaa
 Maafan ilaalladha-
 Hoo hee irra sararuu baasan hamuusan kaanu
 Goonni duwwaa dhufee
 Gadhee naasisuuf hoo hee
 Akkaa marqaa gootee hoo hee
 Goota nyaachisuuf

kalessa galgalaa
 yaa galgalessituu
 Anuu jirajettee
 Nan jajjabeessituu
 Yaa daboo koo yaa daboo koo
 Daboon karra baateeyaa daboo koo
 Karaa galtuun moojii
 Kan goota jallatee
 Bakka dhaqxu moojii
 Jettii yoo haamarraa
 Yaa daboo koo

Okkoleen tarsa'ee
 Mana gooftaa kiyyaa
 Dhugaatin farsoo-----yaadabookoo
 (madda Nagaroo Guddinaa ganda kubee 13/9/2014)
 Weedduu armaan olii irraa wanti hubatamu yeroo daboo haamaa dhugaatiin farsoo ta'uu fi
 ittiin jara daboo sana ittiin jajuuf akkasumas akka isaan farsoo dabalaniif akka ta'e xinxalla
 jechuudha .

Weedduu yeroo midhaan haamaa wal onnaachisuu
 weedduu armaan gadii irraa wanti hubatamu yeroo haamaa aman kana wal onnachiisuuf
 akka armaan gadiitti weeddisu

hennaa daakatteree
egaa dhamateeree
hennaan hin jiguuree
egasii hin dhibuuree

kaaba mana keetii
hin ijjeeriin kabii
jabaa nama keetii
hin ajjeesiin qabi

(madda lamuu Dalanaa ganda kubee 3/9/2014)

ergaan weedduu armaan olii kan irraa wanti hubannu nama hojiitti cimaa jajjabeessi malee
gad hin cabsiin ergaa jedhu of keessaa qaba jechuudha

4.1.1.2 Wa I Gorsuuf yookiin WalBarsiisuuf

Kunis namoonni yeroo daboo hojjetan weedduu daboo addaa addaatti fayyadamuun walii
isaanitiif gorsa laatu jechuudha.

Albeenii tumaa kafaa
Naccii sharer godhi
Raacatiin sumaaf hafaa
Mee haamaa walal godhii

(madda Akkasaa kumsaa ganda goobu guddaa 8/9/2014)

Jirenya boodaaf kan nama gargaaru daboo ta'uusaa ibsa. Kunis bo'oo dhumaan lamaan irratti kan
argaman 'raacatii' jechuun haftee kan gara boodatti haala mijata akka jiraatan

4.1.1.3 Ittiin Wal-Qeequuf

Weedduun isaan yeroo ittiin walqeequuf jedhan:akka armaan gadiitti weedduu weeddisuun
namoota qeequu barbaadan sanaaf ittiin ergaa dabarfatu jechuudha kana irraa wanti nuti
hubannuu akka ummnni oromoo weedduu ergaa dabarfatu irraa hubanna jechuudha .

Tulluu kubee gubbaa
Raafuu buutuun jirtii
Yoo billaan bal jedhee
Yoo offaan xaaxa'e
Natuu dutuun jirtii

(madda abdiisaa kabbadaa ganda goobu 3/9/2014)

Kana irraa wanti hubatamu hawaasni Oromoo sodaattuuf iddo akka hin kennine walqeequ.

Akkasumas akka ummatichi sodaattuuf iddo hin kennine irraa xinxalla jechuudha .

4.1.1.4 Farsoo fichiisiisuuf

Akkasumasakkuma addaatti hawasni oromoo yeroo daboo kadhatee haamaa hamsifatu nyaataaf dhugaatii qopheessuuf keessaa: yoo farsoo dhuguu barbaadan akkas jechuun ergaa dabarfatu.

Farsoon nutti hanquudha

Eenyutuu areeraa dhugaa

Jaggaan dugdi annodha

Eenyutu dhaqee na fidaa

(madda caalaa margaa kubee 5 /8/2014)

Asitti waanti hubatamu namoonni daboo deemaan kallattiin hin dheeboonnee farsoo fidaa hin jedhan kanaf farsoo nuuf qophae'ee asitti nuuf haa dhufu dhuguu barbannee kan jedhuuf sanyiin daboo baaneef arjaa waan ta'aniif nyaataaf dhugaatii qophae' maaliif nuuf hin kennamuu yaada jedhuu komee dhiyeeffachuuf jecha weedduu kana weeddisu egaa walumaa galatti weedduun kun gosa weedduu yeroo haamaa ta'uu isaati yeroo weeddifamu warri daboo sana qopheessan akka farsoo daboof qophae' sana akka fidaniif gargaara . hojjetaan saaffisa hojjchaa akka dabalamu nigargaara.

4.1.1.5 Komachuuf

Komachuu jechuun tajaajila namni namaaf kennutti quufuu dhabuu jechuudha.

Kan armaan gadii ha ilaallu

Obaastuu obaastee

qalbiin mana galtee

Irbaata dagattee

garbittiiakkoo koo

Gilindisee deessee

Haati farsoo kanaa

Dhugaas hin jennee

Bulaas hin jennee

Maal nu jibbitee teessee?

(madda Nagaroo Guddinaa ganda kubee 13/9/2014)

Faayidaa weedduun daboo gama wolkomachuutin qabu kan mullisuudha.weedduu armaan olii kana irraa wanti nuu hubachuu dandeenyu haati yoo haati farsoo sana naqxee irra deemtee nyaadhaa dhugaa yoo jechuu diddee taphadhaa jechuu diddee isaan wajjiin taphachuu didde weedduu kana akka armaan oliitti weeddisuun ergaa dabarfatu kana irraa immoo wanti nut xinxalluu isheen farsoo naqxe akka isaan wajjiin taphattuu agarsiisa jechuudha.weedduu kana keessaa bo'oodhumaa lamaan yoo ilaalle dhugas hin jennee bulaas hin jennee maal nuu jibbitee teessee kan jedhu dallantee teessee jechuu agarsiisa

4.1.1.6 Akka namoonni daboo haamaa hin olleef weedduu weeddifamu

Gama biraatiin daboon akka haamaatti baheen ganama weedduu kanatti aanu wal jalaa qabuun kan weeddisan yoo ta'u wallee dura bu'ee jedhu kanneen biro immoo jalaa qabuun wal harkaafudhanii kan weeddisanidha.

Haaleeluun yaseedha

Hin oolin lafeedha (2*)

Ani baddeessaa hin nyaadhu obboleessa goosuu

Ani dabeessa hin jaallu obboleessa kooyyuu

(madda obbo Hayilee Fufaa Ganda kallala 6 / 3/2014)

Weedduun armaan olii weedduu yeroo haamaa keessaa tokko ta'ee kan daboon ganama akka haaamaa eeggalaniin weeddisaniifi wal waamuuf kan weeddifamu dha mudha. Ergaan weedduu kanaa akka namni daboo kana irraa hin hafneef wal kakaasuuf ta'a. fakkeenyaaaf haaleelun yaseedha hin aoliin lafeedha. Kan jedhu wal wajjiin hojjechuun gaarii akka ta'efi hojiin hawaasummaan akkasii jalala, aantumaa walii isaanii dagagsuuf yookiin jiruuf jirenya hawaasaa calaqisisuuf kan weeddifamudha. Jechi lafee'jedhu hawaasa oromoo biratti kan akka kabajaatti ilaalamudha. Abalu lafee qaba jechuun nama hawaasa keessatti jirenya hawaasummatti amanutti amanuu dha kan namaaf garaa lafuu jechuudha, gama biraatiin mulluun hin miyoftu yoo miyessan malee laaftuun hin siyoftu yoo siyeesan malee laaftuu yeroo jennuu yeroo haamaa haaman sana na boddeetti hafu jechuudha nama yeroo haamaa sana boodatti hafu jajjabeessuudhaafidha. Kanaaf weedduun arman olitti weedduu daboo haamaa

keessaa tokko ta'ee kan daboo yookin namoonni hojii irratti hirmaatan wal waamuufi weeddiisan ta'uu isaa hubatama.

4.1.1.7 Nama haamaa guyyaasisee dhufe qeequuf

Weedduu kanis ergaa garagaraa dabarfatu. Yaa guyyee qaata guyayee' jedhu keessatti guyyeen daboo yookin namoota hojicha irratti hirmaachaa jiran yoo ta'u yeroon guyyaa ykn waaree ta'uu akka jechuuti. Haa guyyaatu lolli saafa wayyaa kan jedhu immoo yaadrimnee isaa yoo ilaallee wa'ee lolaa osoo hin taane akkaataa hojichaa kan ibsudha.

Yaa guyyee qaata guyyaate.....haa guyyaatu

Utuun beekuu.....lolli saafaa wayyaa

(madda obbo Gobanaa Agaa ganda kalala 8 /4/2014)

Weedduu armaan olii kunis weedduu yeroo haamaa ta'ee kan daboon yookiin namoota gareen hojjetaniin bakka hamaatti weeddifamudha. Innis yeroo haamaa eegalan osoo hin taanee erga saafa baay'ee guyya'ee weeddifamudha. Weedduun kunis ergaa garagaraa dabarfatu. Yaa guyyee qaata guyayee' jedhu keessatti guyyeen daboo yookin namoota hojicha irratti hirmaachaa jiran yoo ta'u yeroon guyyaa ykn waaree ta'uu akka jechuuti. Haa guyyaatu lolli saafa wayyaa kan jedhu immoo yaadrimnee isaa yoo ilaallee wa'ee lolaa osoo hin taane akkaataa hojichaa kan ibsudha. Innis yeroo waaree ta'u aduun siritti waan ba'uuf midhaan aritiin hamama ykn siritti kukkutamuu danda'a kanaaf midhanichii akka dafee hamamuuf yeroo saafaan bu'uun garii ta'uusaa ibsuu barbadanitu weeddisu .

4.1.1.8 Cimina isaanii yeroo haamaa ittiin mullifachuuf

Weedduu gadii kan immoo kan bakka haamaatti namoota haama hamaniin gara dhumaatti weeddifamu ta'ee kan ittiin gara dhumaatti yeroo galuu gahan kan ittiin ibsatanidha.

Harsasiin harsasiin naanneessa roobeem dhageessee

Taarsaseen taarsaseen naannessa reebeen goofareeshee

(MaddaToleeraa Itichaa Ganda12/3/2014)

Kunis kan ibsu yeroo haamaa haaman fuula qabatanii giddu gidduu kutuun akkataa itti haaman kan ibsudha. Toora 2ffaa irratti kan argamu fuula fuula gidduutti ba'uun akka itti hamaniif goofaree/ jalamiif midhaanii ykn kan iju midhaanii baatee bakka itti kutaan kan ibsu yoo ta'u akkaataa itti fuula qabatanii haaman agarsiisa.

4.1.1.9 Daboon haamaa yeroo galuu barbaadu

Daboon hojjechaa o olee yeroo lafti dhiinaan galuu barbaadu akka armaan gadiitti weeddis

Qorreecho qorreechoo qeensa murraaree
 Olleechoo olleechoo keessa bullaaree
 Ilaa yaa haadhaa ammayyaa yaa haadha ammayyaa garee
 Hin olliin yaa haadha koo situu Dallaa naa dhalee

(Madda Abdiisaa Waqtolee Ganda 17/4/2014)

Weedduun kunis gosa weedduu daboo haamaa ta'ee kan daboon dhuma irratti yeroo hojii keessaa galuun ga'u bakka haamaatti weeddisanisadha. Innis namoonni hojii hojetaa jiran abbaa dabootiin ni galla yeroon ga'eera jedha dhamsa ittiin kan dabarfatanidha.

Fkn qorreechoo qorreechoo qeensa murraaree jechuun hamaneera ija midhaanii kan kunneerra qarmii isaa haamtuu nu hafee jechuu barbadaniti olleechoo olleechoo keessa bullaree kan jedhu immoo guyyaa guutuu as oollee amma immoo yeroon waan ga'eef ni gala jechuudha.

4.1.1.10 Weedduu daboo yeroo haamaa nyaata fidaa jechuu barbaadan

Akkuma beekamuu aadaa oromoo keessatti yeroo daboo nyaanni qopha'a nyaata kana immoo fidaa yeroo jechuu barbadan akka armaan gadiitti weeddisu .

Lugisiin lugisiin qeerasa fixee
 Hin jiru hin fidduu ni fixee
 Qullubbii dheengadda bitte eda fixee

(Madda Margaa waqnaa ganda Goobu guddaa 10/ 03/2014)

Akka odee-f kennittonni jedhanitti weedduu armaan olii immoo daboon haamaa keessaa ergaa galee yeroo mana ga'u kan weeddisudha. Akka addaa oromoo naannoo kanatti daboof kan qopha'u daaboofi mulluun alatti qullubbiin isa biraadha. Haati daboo qullubbii falfaltee daboodhaafi daabboo irratti naqxi. Egaa daboon yoo kun hin jiraannee ykn xiqaate weedduu olii kanaan ergaa dabarfatu. Ergaan weedduu kanaas nyaanni hin jiru ykn ni xiqqatee kan jedhuu ergaa waliif dabarsu jechuudha kana irraa wanti hubatamu ummannii oromoo weedduu kanatti fayyadamuun wanta isatti hanqate akka ibsuchuu dhada'udha.

Namticha nyaata dhiyeesse qeequuf

Heph oodham.....yeroodham

Bukkeedha.....buqeedha

Haa buluu.....haa dhumuu

(madda Obbo Toleeraa Itichaa ganda goobu guddaa 1/7/2014)

Walumaa galatti weedduun olii kunnin weedduu yeroo daboo haamaa yoo ta'an kun namoonni yeroo gareen haaman gamtominaan weeddisanidha. Kunis hojjettooni weeddichatti fayyadamuun hojiin kun nuffii fi dadhabpii malee bu'aa qabeessummaan akka rawwatamuufi gahee guddaa qaba. Akkasumas wantoonni jiruuf jirenya isaanii keessatti mudatu kan ittiin ibsataniifi saffisa hojii sun ittiin rawwatu kan dabalu danda'udha.|

4.1.1.11 yeroo haamaa sana ittiin xaafii sana jajuuf

yaa xaafii buddeena mooraa

har'as sibiran oolaa

(madda lamuu Dalanaa ganda kubee 3/9/2014)

weedduu olii kana irraa wanti hubatamu yaa xaafii buddeena mooraa buddeenni xaafii sun addii ta;uu isaafii hojii xaafii haamaa sana hojjetaa akka oolu weedduu kana irraa xinxalla weedduun armaan gadii kun ittiin xaafii sana jajuuf kan ittiin dhimma ba'amudha

asii naa baqadhu

galii barakadhu

yaa xaafii jiga tolii

mataa naa muran jettaa

ittiin wal onnachiisuuf yookin ittiin wal jajjabeessuuf weedduu kanatti gargaramu jechuu dha .

yaa kaarroo banaa tolii

dhirsatuu naa tuqe jettaa

albeenii tumaa kafaa

nacii sharer godhii

racatiin simaaf hafaa

mee haamaa walal godhii

dibittiidhaan qotii
kormi gaana argatee
limixii ilkaan mootii

(madda Obbo Toleeraa Itichaa ganda goobu guddaa 1/7/2014)

weedduu armaan olii irraa wanti nu hubannuu weedduu daboo kan irraa jaalalli akka jiru nuu hubachiisa.



Fakkii daboo yeroo xaafii haamaa ganda goobu guddaa

4.1.2. Weedduu yeroo midhaan dha'insaa

Akka qorataan dawwannaan godhe irra xiinxaletti midhaan dha'insi hojii namoonni cimdiin cimdiin hojjetan ta'ee kan ulee laafaan dabaree dabareen rukkutuun xaafifi cidiisaa gargar basanidha. Innis erga qotiyyoodhaan sirbisisanii garadhumaatti toora galchuun kan rawwatu yoo ta'u yeroo hojii kana rawwatan jechoota bifa weedduu qabu fayyadamuun weeddisaa kan hojjetanidha.

4.1.2.1 Wal onnachiisuuf

akkuma beekamu ummanni Oromoo aadaa wal onnachiisuuf ni qaba kanaaf weedduu armaan gadii kanatti gargarama .

Yaa abbee.....	yaa abbee
Daboodhaam.....	daboodham
Naa murii.....	naa murii
Ephi.....	eephi
Cididhaam.....	xaafidhaam
gad hurii.....	kan duriin

(yeroo midhaan dh'insaa 7/5/2014 Toleeraa Itichaa)

weedduu armaan olii kana irraa wanti ubatamu

Weedduu daboo wayita midhaan dha'insaa oliraa wanti xinxalamu yeroo kanatti namoota miira wal dorgommifi xiiqii keessa wal galchuun hojiicha si'aa'inan akka hojjetan kan godhudha. Ulee isaan ittiin dhahan jiidhaa wan ta'eefi akka gaariitti rukkutee cidiif midhaan adda baasa. Akkaataa itti hojjetanifi weedduun isaan weeddisan walitti hidhata qaba innis duukaa sochii isaanii hojjechuuf taasiisaniin sagalee isaanii qajeela kun immoo weedduun akkasii gochaan wal qabachuun kan agarsisudha hojii kana keessatti dhimmoota baay'ee eeruun kan wal seexeessuu fakkenyaafi gad-hurii sirritti rukkutii Lafatti baasii yookin cidiifi calla addaan baasi jechuudha kan duriim' durumaa sirriitti rukuta har'a qofaa miti yookin durii kasee cimaa ta'u isaa kan mullisudha.

Akkasumas weedduu daaboo kanaan wal jajjabeessuufi jecha wantoota adda addaa kaasanii wal qeequu bara darban ittiin waaan nyaatan yookiin wanta dhugan qeequu. Fakkeenyaa "Bukkeedhaam" jechuun bakka ati rukkutaa jirtu gara madditi jechuudha "Buqqeedhaam" kan jedhu ittoon ittiin nyaaa nyaadhe buqqee ta'u isaa himuu barbadanitu. Akkasumas "Eephoo

dhaam” “yeroodhaam” kan jedhu immoo Eephoodham jechuun kan ati nyaatte ittoon isaa Eephoodha kanaaf akkas jabaattee jirta jechuu yomuu ta’u namni inni tokko immoo yeroodhaam jedha kana jechuun immoo humnan qaba yookiin dargageessa kanaaf yeroo kootti hin dadhabu jechuun barbadeeti.

Haabuluu haadhumu, yoo jedhu immoo haabuluu jechuun dhadhabeera jedhee himachuu yoo barbadu ta’u haadhumu kan jedhu immoo xummuruu qaba yaada jedhu of keessaa qaba. Kun immoo akka aadaa hojii wa-gargarsaafi hawaasummaa qabataniif namoota keessatti fedhii uuma.

4.1.3 Weedduu yeroo gargaru hidhanii

Akka odeef-kennitooni jedhanitti ummanni oromoo naannoo kanaa hojii qonnaafi horsiisa loonii alatti hojii gurguraa hojechuun jirenya isaanii kan ittiin foyyeeffatanidha. Kunis gaguradhahee muka gubbaattti fannisuun kannifni itti galee damma yeroo isheen dammeesitu kan itti fayyadamanidha. Gaagurri bifa aadaafi bifa ammayyaatin kan qopha’u yoo ta’u ummanni oromoo aanaa ciddaa ayyanaafi haroo limmuu kan aadaatti fayyamuun damma oomishu meeshaaleen gaagurrii irraa tolchamas ; muka sooyyoma, hidda, simala, citaafi faltiihoriifa’ a namni hundi muka yaabee gaagura hin hidhu kun gaagura hidhu nama ogummaa gaagura hidhuu qabuufi danteetti muka yaabuu qabudha namni akkasii gaagura hiituu jedhama ykn gaagurtee’ jedhama innis kan hidhamu yeroo birraa yoo ta’u Arfaasaa jalqaba irratti ni butama.

Gaafa gaagurrii hidhamu wanti barbachisu keessaa tokko funyoodha innis gaagura yabsiisuuf tajaajiila gaagurri kan muka irratti hidhamuufi akka kannisa manaa godhatee itti galtee damma damma keessatti dammeesituuf. Yeroon gaagura hidhan wantoonnii safeeffataman keessaa funyoon kan ergisaa yoo ta’ee bulee malee hin galu sababiin isaas kanisiin keesu hin bulu jedhanii waan amananiif. Akkasumas mukti gogaan yoo muka irra bu’e fudhanii manatti hin galani qoraan baatanii hin galani namni gidduu isaanii hin ba’u amma mana ga’anitti dammichi gogaa ta’ a jedhanii waan amananiif egaa namtichi gaagura hidhu funyoo arkisaa arkaan waamaa akkas jedha.

4.1.3.1 Hawwii isaanii ittiin mul'isuuf

weedduu armaan gadii kana irraa wanti hubatamu utuu kannifni gagurichatti galee damma baaye'ee utuu hojjeteet hawwii isaanii ittiin agrsiisu yaada jedhu weedduu kana irraa xinxalla jechuudha .

Yeehee yeehee yeehee

Gala hi ooliin

Galii keessa ooli

Caliyaa kottuu

Calcal itti godhi

Akka durba caliyaa

Sibuu kottuu

Sibsib itti godhii

Akka durba sibuu

(Madda Lamuu dallanaa ganda goobuu guddaa 6/5/2014)

walaloo olii toora 1-3tti jiru keessatti kan namni gaagura hidhu hawwii kaanisni gagurichatti akka galtuuf qabu yoo ta'u gala hin ooliin galii keessa ooli kan jedhu yada lama kan ibsudha tokkoffaa itti seenii kan jedhuufi kan biroon immoo ergagaltee keessa jiraadhu jechuudha walaloo toora 4-7tti immoo kaannisa gagratti hawwachuuun alatti kan hawaasni gosa caliyaa fi kan sibuu ta'an ittiin wal quuqanidha kunis hawasni caaliyaa kaneen bakka qorannoo kanaa yoo ta'an sirbuu immoo olla bakka qorrannoo kanaati hawaasnii lamaan kun kan walitti heerumsisianniifi kan wal fudhanidha kanaaf gama kananillee akkataa walittii dhufeenyaa isaanii isaanii ni ibsu.

4.1.3.2 Fedhii omishaa isaaniif qaban ittiin ibsachuuf

Abbaa keef Dhibbaa ta'i

Goomattuuf jibbaa ta'i.

(madda Nagaroo Guddinaa ganda kubee 13/9/2014)

Walaloo weedduu olii kun umanni oromoo feedhii oomishaa isaaf qabu ittiin ibsatudha. Fkn Abbaa keef Dhibbaa ta'i abbaa qabeenyaafi bu'aa gaarii argamsiisi gagurrii kun akka ammaa baay'ee godhatuuf feedhii qaban kan mul'isudha. Akkasumas goomattuuf jibba ta'i kan jedhu immoo nama akka damma gaarii namni hin arganneef hinaaftuuf hin dammeessinniif yaada

jedhuufi waanta hin barbachifne kan itti balalleffatani as keessatti goomattuu jechuun nama waa namni godhatutti inaaftu yookiin jibitu jechuudha.

Walumaa galattii weedduun kun kan namoonni yeroo gaagura hidhan weeddisaa rawwatan ta'ee hawwii omisha damma gaarii argachuu irraa darbee akkataa waliin jirenyaa isaanii ittiin ibsatanidha.

4.1.4. Weedduu mana baasaa

Akka odeef-knnitoonni jedhanitti guyyaa manni ijaaramee rawwatu ykn man duuchi irratti shamarraan ollaafi kan warra mana ijaratani walta'uun kan weeddifamu weedduu mana baasaa jedhama weedduun kunis sababa manni ijaarameef waan weeddifamufi weedduu daboo keessatti ramadama. Ergaan sirba kanaa inni guddaa gammachuu manni ijaaramee ittiin ibsachuuf kan weeddifamus shamarran yoo ta'an isaanis warreen mana ijarraniif olla isaanii ta'u.

4.1.4.1 Gammachuu isaanii ittiin mul'suuf

weedduu armaan gadii kana irraa wanti nut hubannu namoonni namoota mana ijarratan sanaaf gammachuu isaanii ittiin ibsuuf weedduu kana ni weeddisu

Sooyyee hoo sooyyee jatanii
Mana jatanii baga ijarratanii
Baga irrattanii mana batanii
Karaa dugda duubaa dheerattanii
Abbaan durbaa durba seerratanii
Goreen bulaa man keessanii
Goree hin bulu mana keessanii
Marmeen kufa morma kee jalaa
Akka arcummee laga sooyyee jatanii

(Madda Aadde Malkee Gammadaa 8/5/2014)

Yaada weedduu olii irraa wanti hubatamu umanni oromoo gochaa namni tokko godhatetti gammaduu isaa weedduun akka mulitatu kan agarsiisadha. Innis shamarran guyyaa manni ijaaramee rawwatuu addooyyee (hiriyyaa) isaanii waliin wal waamuun kan weeddisanidha.

Kayyoon weedduu kanaa gammachuu mna ijaaramee ibsachuuf fkn mana ijaratani baga ijarrattanii mana batanii kan jedhu. 1ffa manaa haaraa baga irrattanii ykn mana jireenyaa baga ijarrattanii kan jedhudha. 2ffaan immoo erga ijaarrattanii baga manichaa keessaa jiraachuu

eegaltanii jechuu barbadaniti akkasumas as keessatti shamarraan jalaa walii isaaniifi hawwii jalala qaban weedduu kanatti fayyadamuun ni ibsatu jechuudha.

4.1.5. Weedduu Daboo yeroo Aramaa Midhaanii

Akka odeeef- kennitooni jedhanitti armaan gosaa daboo eroo baay'ee dubartootaafi dargaggootaan rawwatamudha. Innis midhaan kanneen akka boqolloof mishingaa keessatti biqila hin barbachifne boqqiluu yoo ta'u harkaan kan hojjeta mudha. Hojiin kun yeroo ammaatti bifa biraan ykn qooda arkaan haraman qoricha farra aramaa itti fayyaddamuun kan gaaseeffamaa jirudha. Haa ta'u malee osoo malli kun hin argamiin duri gaafa aramaa araman namoonni ittiin hojii bufachuuf ykn jabatanii hojjechuuf weeduu ni weeddisu innis wal jalaa qabuun kan rawwatudha.

Weedduu jalaalaa fi Ayyanaa weeddisaa kan hojetanidha

4.1.5.1 Jaalala hiriyyaa isaaniif qaban agrsiisuuf

yeroo araman namoonni ittiin jalala waliif qaban ittiin ibsachuuf weedduu armaan gadii kana ni weeddisu

Abbaboo abaaboo yaa abaabilee
Yaa shirree yoo roobni roobeehoo
Darbaa masqalaa bukoo baalaan tolchuu
Kan sirbaan battalaa duboo raasaa kottuu
Yaa hiriyeen naan gitaa sifuudheen waa lixaa

Weedduu armaan gadii kana irraa wanti nu hubannu namoonni yeroo aramaa araman ittiin waliif jalala isaanii ibsuuf akka armaan gadiitti ni weeddisu yaada kana irraa wanti weedduu jalalas iddo daboottii ni weeddisu jechuudha .

Mana waaqoon lixaa yoo waaqi nu dadhabee
Kottu aramaan aramma tuufoo buqqifnaa
Naqamteefi diggaayii baallee waraqataa
Nama argaa jibban baay'ee safarataa
Adeemmii jarjaree taa'ee dubii hin himuu
Kan foolii dadhabee taa'ee mudhii haa hiikuu
Darbaa masqalaa bukoo baalaan tolchuu

Yaa shirree roobaa yaa suurraayoo
Mana abbaa guduruu gurrattii gurguruu
Gargar nu hin baasiin waaqni gubbaasanii
Gurratti gurguru yaa gurbayyoo

(Madda Obbo Oliiqaa Nagaroo 6/2/2014)

Weedduu armaan olii irraa wanti nuu hubannu kan yeroo aramaa dubartoonni waliin weeddisan yoo ta'u kan kana weeddifamuuf dadhabbiifi nuffi malee hojicha fiixaan baafachuuf akkasumas wantoota adda addaa ittiin ibsatu yeroofi wantoota jiruuf jirenya isaanii keessatti isaan mudate kan ittiin ibsatanidha

Mana abbaa guduruu gurratti gurgur
Gargar nu hin baasiin waaqni gubbaa sanii

(Madda Aadde Malkee Gammadaa 8/5/2014)

Kan jedhu hawwii walii wajjiin jiraachuu ykn tokkummaa hojechuu qabna kan jedhu kan agarsiisanidha. Kun immoo kan agarsiisuu hawasummaa kan jalalatiifi kan itti amanaan ta'uu hubachiisa. Akkasumas bo'oo walaloo weedduu olii kana keessatti koottu aramaa buqqiifnaa midhaan keessaa kan jedhu fedhii hojii kan waliin rawwachuuf qaban kan mulisuuf maal akka hojehcaa jiran agarsiis. Walumaa galattii ergaan weedduu armaan olii kun keessaa wal jalala qabaachuu isaanii tokkummaa akka qabaatanii of guddisaan kan jedhu ergaa of keessaa ni qaba.

4.1.6 Weedduu Daboo yeroo Aanaan Raasuu

Akka odeeef- keennitoonni jedhanitti gosti Daboo kun manatti dubartootan kan rawwata manidha kan dubartoonnii dabaree dabareen kan weeddisanidha. Innis ummanni oromoo bu'aa loon irraa argatu keessaa qanaan cimisame walitti kuusuun erga ititee booda kan raasamadha dubartoonni yeroo hojii kana irratti irmatan akka hin mukootneef ittiin mal jajjabeessuufi kan isaan weeddisanidha.

Abuubbii abuubbii naa baa bahi
Abuubbii hudhoo ko naa bahii
Hudhoo sarara koo naa bahii
Hanga mataa sooretti naa bahii
Hidheen sirarrasaa naa bahii
Gabaattin sibaasaa naa bahii

(madda Haraaree baayisaa goobu 3/9/2014)

Wolaloon weeddu olii kana irra wanti hubatamu kan dubartiin yeroo fedhifi hawwii jiruuf jirenya ishee foyyefachuuf qabdu kallatti kanaan akka ibsachuu dandeessu kan agarsiisudha. Akkasumas yeroo gabaaba kessatti aannan raasani dhadhaa baasuf osoo hin dadhabin akka raawwataniif kan fayyadudha. Walumaagalatti wolaloon weedduu kanaa weeddu armaan olii hawwii aannan sun dhadhaa gudda akka buhuuf qabanifii dhadhaa. kana immo gurguruun qarshi itti akka jijirachuu barbaadan ittin ibsachuuf kan gargargarudha. Gama biraatin immoo yeroo daboo kan raawwatan si'a'inaan raawwachuuf kan weeddifamudha. Akkasumas sagaleefi hojichi kan waliin qindaa'edha ykn akkaataa ittin raawwatan kan mullisu dha.

4.1.7. Weedduu daboo yeroo daakuu waliin daakan

Akka odeeef-kennitonni jedhanitti daakun kan namonni yeroo durii qaroominni hin jirre midhaan gosa adda addaa nyaataf ykn dhugaati garagaraa ittin naquu fi dhagaa irrati bullessani dha. Kunis dubartootaan ka raawwatamu dha. Akkusuma hojii namatokkoo fi yeroo tokkotti hojjetamu dha innis dabaree dabareen daakuu sana walgargaara weeddisu yeroo hojii kana dalagan nuffii malee akka raawwataniif weedduu adda addaa weeddisu. weeddun kunis kan jaalalaa kan fuudhaaf heerumaa ykn kan biro ta'uu danda'a.

4.1.7.1. Bu'aa midhaanii yeroo daakuu ittiin ibsuuf

Akkuma beekamu namni osoo midhaan hin nyaatiin jiraachuu waan hin dandeenyeef faayidaan midhaanii guddaa akka ta'e ittiin ibsuuf weedduu kana niweeddisu

Bishingaa isa mataa okkoo

Xaafi isa jormoodoo

Boqqollo isa kurkuffee

Dagussaa isa mataa tuuttaa

Isatu tuuta galchaa

Weedduu olii kana irraa wonti huubatamu faayidaa midhaan qabu bifaa kanaan kan ibsaniidha. Bisingaa isa mataa okkoo kan jedhu isa ija baayyee kan qabu kan ibsuu dha.

Dagussaa isa mataa tuuttaa

Isatu tuuta galchaa

Kana jechuun Daagujjaalisa ija baay'ee qabuti maatii baayyee galcha jechuudha. akka ta'e xinxalama jechuudha

4.1.7.2 Wal onnachiisuuf

yeroo durii akkuma beekamu yeroo qaroomni hin jirree dubartoonii dabo waliif ba'uun daakuu waliif daaku yeroo sana wal jajabeessuuf weedduu armaan gadii waliin weeddisu

Yaa hurri rooba dirrisaa
Qalee wal nyaatee firriisaa
Yoona nimaraataa biyyiisaa
Yaa hurrii roobaa dirrisaa
Soddeen hin kolfa firriisaa
Ciiseen geeraraa diinniisaa
Daakun yaabee dirrisaa
Adeemaan kolfaa dirrisaa
Gaangeen seexana girrisaa
Qalee wol nyaatee firriisaa
Yoona ni maraata firriisaa

(Madda Aadde Araaree Baay'isaa 6/8/2014)

Weedduun armaan olii kan agarsiisu ittin hojii sana dadhabpii fi mukuu male akka rawwachuuf kan tajaajiludha. Weeddun kunis waa'ee hojichaa kan ibsu osoo hin taanee kan itti fayyadamuun daboo sanaakka hojjetaniidha. As kessatti dubartonni yeroo gareen hojjetan akka hin dadhabneef ittin wol kakaasuuf ittin woljajjabessu f ittin fedhii isaanii ibsachuuf itti gargaaramu. Wolumaa galatti weedduun yeroo daboo kan weeddifamu dha.

Ergaan weedduu daboo kanaa weedduu kanaan qabatanii waa'ee fedhii isaani akkasumas wa'ee dandeetti isaanii kan ibsataniidha

4.1.8 Weedduu yeroo daboo qonaa

4.1.8 .1 wal onnachiisuuf

Wol-irraandheessinugurbaa
Hoo –hee jaallee gurbaa
Wolirran dheessinu gurbaa
Jalaaqaboo

Weedduu kana irraa wanti hubatamu yeroo daboo qonnaa ittiin wal jajjabeessuuf akkasumas nama dadhabee ittiin jabeessuuf weedduu kanatti gargaramu.

Hoo-hee jaallee gurbaa	Wol irra hin dheessinu gurbaa
Kottaa mee n i kaanaa	wal irraa hin dheessinu gurbaa
Yoo hojenne malee	Hin badu hiyyummhinaan

4.1.8.2 Yeroo qonnaa jaalala waliif qaban ittiin waliif ibsachuuf

Kaleessa galgala
Yaa galgalessituu
Anoo jira jettee
Na hin jajjabeessituu

(madda lamuu Dalanaa ganda kubee 3/9/2014)

weeduu armaan olii irraa wanti hubatamu namoonni daboo sana hojjechaa jiran jalaala walii isaaniif qaban ittiin waliif mul'suuf akka weeddisan irraa hubatama ergaan isaa immoo nutoo waliif jirra jennee osoo wal jajjabeesinee yaada jedhu of keessaa qaba.

4.1.8.3 Yeroo qonnaa sana jalala qotiyyoof qaban agarsiisuuf

Weedduu kana irraa wanti hubatamu yeroo daboo qonnaa sana qotiyoo ittiin faarsuuf weeddifama

Yaa qotiyoo qotii
Qotee bulaa ka'ii
Calla ke guddisii
Mee beela balleessii-----jalaa qaboo

Akkuma beekamu ummanni oromoo akkuma qonna jaallatu qotiyoo qotus akka wan inni afaan san hubatuu weeddisuu qotiyoo isaas nii weeddisa jechuudh kana irraa wanti xiinxalluu qonnaan bulaaf qotiyoon akka calla guddisan hubanna jechuudha.

4.1.8.4 Yeroo weedduu sanaan uumaa isaanii kadhatan

Akkuma beekamuu bokkaan yoo caamee googinsa biyyatittii fiduu waan danda 'uuf akka isaaniif roobu waaqa isaanii weeddisaa uumaa isaanii kadhatu.

Yaa bokkaa roobii
Qonna Kenya qonnaa
Yaa birraa barihi

Aramaa buqqifnaa

Akkuma weedduu armaan olii irraa hubamuuf yalametti arfaasaan yeroon roobii yeroon nu caami jechuun rabbiin kadhatu jechuudha akkasumas yeroo haaman roobni yoo roobe midhaan balleessuu waan danda'uuf yaa bokcaa nuuf caami jechuun rabbiin kadhatu jechuudha.

Yaa bokcaa nuu caamii

Midhaan haamnee dhoofnaa

Humnaan tokkummaa qabaannee beelaaf hiyyummaa balleessinaa jabaadhaa jechuudha .

Humnaan tokko taanee

Dhibee ballesinaa

Yaa lammii biyya koo

Ka'a maalif teenyaa

Wal arkaa hin fuunu

Anga human keenyaa

Weedduu armaan olii irraa wanti nu hubannu hojii hojjechaa jirru kana dhaabannee wal irratti ilaaluu dhiifnee wal haa gargarru jechuudha.

Weedduu armaan gadii irraa wanti hubatamu yeroo daboo haamaa ittiin wal qeequuf yookin immoo namnii hojii hin hojenne akka hojjetuuf akka kashalabee hin taane kan agarsiisudha .bo'oo duraa yoo ilaallee biliqiseen deessee kan jedhuu dubartittii deesse jechuu dha.farsoo giftiin naqxee nyaata marqaa seetee liqmsitee teessee jechuun immoo erganyaattanii dhugdanii hojitti ka'aa jabaadhaa jechuudha

Biliqqiseen deessee (2)

Farsoo giiftin naqxee

Nyaata marqaa seetee

Liqimsitee tessee?

Yaa farsoon jedhe malee

Yaa daboo eenyutu

Maqaa ke e dhahee

Akkuma armaan oliitti xinxalamuuf yalametti ergaan weedduu armaan olii kun hojiif wal kakaasuu yaada jedhu irraa xinxalla jechuudha.

Yaa farsoo daboo
 Yaa talalituu
 Yaa nama hin mine biqilaa
 Kun qotee kun aramee
 Kaan golgoleesi dhugaa
 Kashalabbeen maaluma jettee dhugdaa?

(madda Abdiisaa kabbadaa goobu guddaa 8/9/2014)

Weedduu kana irraa wanti nuti hubannu namni hin hojjetiin maal jedhee nyaata ,maal jeedhee dhuga yaa jedhu xiinxalla jechuudha.

4.1.8.5 Weedduu daboo Qeeqa qabuun dhiyaatu

Ergaa daboo keessatti namoonni ittii wal qeequuf isa dadhabe ittiin jajjabeessuuf kan ittii gargaramnudha.

Qottuu qottuun faarsaa
 Nama hin qonnen harsaa
 Yaa gindo yaa
 gindoo nama qotuu
 Kan daarii buqqisuu
 Kan maatii guddisuu
 Qottuu qottuun faarsaa
 Kan hin qonnen haarsaa

(madda Oliiqaa Nagaroo ganda goobu guddaa 7/9/2014)

Weedduu armaa olii kana irraa wanti hubatamu hojiitti wal kakaasuun namni siritti hin hojjenne illee xiiqidhaan akka hojjetuuf ittiin wal kakaasuuf akka ta'e irraa xinxalla

4.1.8.6 Weedduu daboo qonna wal onnaachiisuuf

namoonni yeroo qannaq qotan wal onnachiisuuf weedduu armaan oliitti ni gargaramu weedduu daboo kan maanyaa hammaru kan jedhu xaafii diimaaf adii wal makaa qotanii manatti galchuu jechuudha weedduu kana irraa kana xiinxalla jechuudha.

Yaa daboo koo	yaa daboo koo
Qottuu qotiyyoon faarsaa	yaa daboo koo
Gindoona nama hin qonnee	

Cabi abba fuu hin tollee
Gindoon namaqotuu
Kan daarii marmaaruu
Kan maanyaa ammaruu
Gindoo nama hin qonnee
Cabi abba fuu hin tollee
Jetti yoo qonnarra

daboon yeroo qannaa qotan wal onnachiisuuf weedduu armaan oliitti ni gargaramu weedduu daboo kan maanyaa hammaru kan jedhu xaafii diimaaf adii wal makaa qotanii manatti galchuu jechuudha weedduu kana irraa kana xiinxalla jechuudha.

4.1.9. Weeddu daboo yeroo tumaa midhaanii

Akka odeeef-kennitonni jedhan itti tumaa jechuun gosa midhaani kan akka boqqollo Nuugi fi biqila farsoof ta'u mooyyetti naquun irra deddeebi'anii kantumanidha. Haala qabatamaa yeroo amma jiruun hojii kun qooda moyyedhaan tuman baabura midhaan itti fayyadamaa kan jiraniidha. Kana irraa kan ka'e umna namaa raawwachuun hafaa dhufeera. Hata'u malee osoo malli kun hin argamin dura namonni daboo wolii bahuudhan osoo haara hin galfatin weedduu tumaa midhaanii kana weeddisaa walii hojiii saanii hojjechaa turaniru weeddicha immoo irra deddebin kan sirbamudha.

Dorgaa dorgee boqqollodha
Abbantu human qabaa
Kan dadhabe ulfa qabaa
Ulfa raachaa simaraacha
Ulfa hantutaa ittin duuta

(Af. Gaaffi Aadde Yaadattuu Abdii 5/8/2014)

Weeddu kana irraa wanti hubatamu namonni daboo akkasii kessatti yeroo qooda fudhattan miira waldorgommi keessa galuun saffisaan hojicha raawwatu. Sagalee fi akkaata hojichi itti raawwatuun walalon weddicha itti dhiyata. Kun immo yeroo gabaaba keessati heeduminaan hojjechuun jirenya isaani fooyyefachuuf isaan gargaara. Sochii fi sagaleen isaan ittin weeddisan haala hojichaa kan bu'uureffatedha. Akkasumas walii saanii seexessun kan raawwatamanidha. Fkn abban tumu umna qaba kan jedhu namni wolitti fufiinsan tumu cimaa dha. Akka jechuuti

Yeroo kana miira dorgommi keessa waanjiruuf ciminni isaan mullisuuf hamileedhan hojjetu. Akkasumas akka hin dadhabneef hamilee godhatanii hojjetaniif gargaarudha. Kan dadhabee ulfa qabaa kan jedhu immooakkuma beekamu namni ulfata'eni dadhaba waanta'ef ati dadhabadha ittin jedhanii waan ceepha'aniif isa jalaa bahuuf namni sun hamilee godhatee tuma jechuudha. Gaafa weeddun kun weeddifamu immoo namni dadhabe illee seexa gudhachuun jabaatee tumicha tuma.

4.1.9.1 Wal-cimsuuf

Inni guddaan weedduun daboo jirenya hawaasummaa kessatti barbaachisaniif yeroo daboo akkaittin jabaatanii hojjetaniif cimsuu jechuun akka namni jabaate hojii tokko raawwatuuf hamileekennufi dha. Yookiin seexessuu onnee itti horuu jechuu dha.

Ummanni Oromoo jiruuf jirenya isaa kessatti yemmuu namni waan tokko hojjetu wonti sun gaarii ta'ee yoo itti argame jajjabeessuun gargaara. Daboo qonnaa fi daboo adda addaa yeroo hojj etan weedduu daboo adda addaa itti waljajjabeessuuf.

Abbaan tumu human qabaa
abbaan dadhabe ulfa qabaa.

Bo'oo wolaaloo weedduu daboo olii kanarraa wonti huubatamu namoota daboo sana hojjechaa jiran lamaan miira woldorgommi isaani saan kessatti akka uumamuuf namni wolitti fufiinsaan tumaa sana tumuun kan human qabuu dha.

Kan dadhabe ulfa qaba jechuun akka isaan seexa godhatanii tuman gochu fidha.

BOQONNAA 5: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

5.1 Cuunfaa

Qorannoo mata duree xinxala ergaa weedduu daboo irraatti xiyyeffata. Aanaa Giddaa Ayyanaa fi HarooLimmuu walitti qabaman jedhu irratti adeemsifamee dha. Kaayyoon qorannoo kanaa weedduu oromoo kan daboo irratti xiyyeffatan xinxaluun barreeffamatt ijijjiruun dhaloota dhufuuf olka'uu dha. Qorannoo kana gaggeessuuf mala qorannoo akkamtaa fayyadameen jira. Iddattoo filadhes mala iddatteessuu miti Carraadha. Gosooni iddatteessuu mit carraa keessaa akkaayyootti fayyadhamuun. Gandoota aanichaa keessaa ganda 2 yeroo qonnaa akkasumas yeroo midhaan dhahinsa ganda goobu guddaa keessaa yeroo qonnaa akkasumas ganda kalalaa keessa yeroo aanaan raasuu hojicha keessatti hirmaachuufi bakka sanatti argamuun akkasumas namoota Aanichaa keessaa weedduu daboo irratti muxannoo fi beekumsa qaban irraa Af-gaaffii, Daawwannaan odeeffannoo oddeef- kennitoota irraa argame xinxalame jira. Gaaffile bu'uura kanneen akka weedduun daboo qabiyyeewwa akkamii of keessaa qaba? gosootaa fi weedduu daboo irratti xiyyeffatan maalta'a dha? Kan jedhuuf Weedduu yeroo, haamaa, weedduu yeroo midhaan dhahinsaa, weedduu yeroo gargura hidhaa. Weedduu yeroo haraman weedduu yeroo daakuu daakanii weedduu yeroo aanaan raasaa fi weedduu yeroo tumaa midhaniidha. Itti ansuun gaaffilee maalfa'i? Weedduu daboo maal maal fa'i? Kan jedhuuf weedduun daboo dinagdee hawaasni gaamta fedhii adda addaa akka mul'isu jirenyaa hawaasumma mul'isuu irratti, seenaa hawaasaa mul'isuu, hawwii namni ofif nama biraaf qabu kan mul'isuu fi yeroo waan tokko ittiin dalagamu kan mu'isu akka ta'un xinxalamee jira. Akkasumas faayidaaleen ergaa weedduu daboo irratti xiyyeffatan maalmaafa'ii? Kan jedhuuf weedduun daboo faayidaalee kanneen akka walgootomsuf yookiin cimsuuf qabeenyaa wali isaanii ittiin jajachuf kan ittiin kan isaan itti hin tollee komatan, gorsuuf yookiin wal barsiisuuf jiruuf jirenyaa keessatti wal qeequuf akka ta'e xinxalameera.

5.2 Argannoo

Mata duree xinxala ergaa weedduu daboo goodina wallagga bahaa aanaa giddaa Ayyanaafi haroo limmuu keessatti ragaaleen qorannichaa funanamanii erga xinxalamanii booda akkasumas odeef kennitoota erga fudhatame booda maalummaa, gosoota, faayidaa ergaa weedduu daboo irratti odeeffannoo odeef kennitoota irraa argame irraa argannoowwan argaman akka armaan gaditti dhiyaataniru.

Gosoota weedduu daboo namoota lamaa fi isaa oliin kan weeddifamu ta'uu: weedduu daboo yeroo haamaa midhanii, weedduu daboo yeroo midhaan calleessaa, weedduu daboo yeroo midhaan haramaa. Weedduu daboo yeroo tumaa midhanii fa'a akka ta'an bira gahameera. Qabiyyeen ergaa weedduu daboo dinagdee mul'isuu irraatti yeroo mul'isuu irraatti hawaasummaa mul'isuu irratti, hawwii namni qabu agarsiisuu fi biraga'eera. Faayidaan ergaa weedduu daboo: walgotomsuuf walcimsuuf, ittiin walgoorsuu yookiin walbarsiisuuf jiruuf jirenya keessatti waan qeequuf komachuuf,akkata'anbiraga'ameera. Weeduu daboo kanneen biro irraa wanti adda isa godhu meeshaalee muuziqaa tokko malee kan gaggeeffamuu fi sagalee weedduu daboo fi weeddichi kan walqabatan akka ta'an bira gahameera.

- Weedduun daboo yeeroo weeddifamu qabiyyeewan addaa addaa ofkeessaa ni qabaata isaanis;wal onnachiisuuf ,wal qeequu,wal jajuu wal gootomsuu wal kakaasuufi hojitti wal galchuuf qabiyyeewan kana faa of keessaa akka qabaan qorannoo kana keessatti ibsameera ,
- Ergaan weedduu daboo wai onnaachiisuuf yoo ta'e namni dadhabee jiru tokko akka jabaatuuf yookiin akka warra cimootti akka hojtuuf akkasumas namni dadhabaan akka booddeetti hafu dadhabinni kun immoo akka gara ciminaatti jijiramuuf afaani basanii itti dubatu osoo hin taane weedduu kanaan ergaa itti dabarfatu .kana malees yoo wal qeequuf ta'es wanta namni hin jallannee waan hawaasni jibbuu qeequun waan sun badaa ta'uu isaa hubatee akka irraa of quasatu yookin akka gara gaariitti jijiratu gochuuf ergaa kanafaa qaba .akkasumas nyaataaf dhugaatii nuuf fidaa jechuu yoo barbadaniis afaanii bafatanii yoo fidaa osoo hin jennee weedduutiin akka abbaan daboo warra daboo hojjetan hin beelesinee hin dheebochifnee ergaa dabarfatu jechuudha . nyaanniifi dhugaatiin nutti

xiqqaatee nuuf dabalaa ergaa nuttii dhiyeera nigella kan jedhu ergawwan akkasii of keessaa akka qabu qorannoo kanaan xinxalameera .

- Faayidaan ergaawwa weedduu darbaniiakkuma beekamuu hawaasni oromoo bara durii jalqabee aadaa wal gargarsaa qaba aadaa wal gargarsaa kana keessaa immoo daboon isa tokko akka ta'e qorannoo kana keessatti xinxalamee jira faayidaan ergaa weedduu daboo darbanii immoo nama ko'eessa tokkoo akka omishini isaa alatti jalaa hin banneef weeddichaan wal kakaasaa hojii sana akka xummuranif faayidaa akka qabu qorannoo kanaan xinxalameera .
- Faayidaan itti fufiinsii weedduu daboo hawaasa oromootiif akka dhaloonni boodaa dhufu aadaa wal gargaarsaa akka hin daganneef weedduun daboo yoo jiraatee akka namoonni gara laafummaa waliif qabataniifii akka isaan aadaa kana iddo daboo sanatti weeddisuun aadaa sirba daboo akka wal jijiraniif kanaaf weedduun daboo kun itti fufinsaan yoo ture faayidaa guddaa akka qabu hawaasni oromoo beekuu akka qabu xinxalameera.

5.3 Yaboo

Yaboon qorannichaa argannoo bu'uuraa irratti hunda'uun akka armaan gaditti ibsamani jiru.

- ✓ Ergaan weedduu daboo Oromoo irratti xiyyeffatan Aannaan Gidaa ayyanaa fi Haroo Limmu keessatti yeroo amma dagatamaa dhufee jiraachuun yoo ibsaame jiraatullee weeduun daboo kun ciminana jiruu fi jirenyaa Hawaasaa keessatti cimee akka itti fufuuf qaama dhimmi ilaallatuun irratti hojjetamuu qaba.
- ✓ Weeduu Daboo irratti xiyyeffatan jiruu jirenyaa Hawaasumma keessatti qoodaa guddaa kan qabu waanta'eef kana hubachuun rakkoo jiruuf furmaata lachuu qajeelchuun hawasaa akka tajaajiluu qabu, qaamni dhimmi isaa ilaallatu taasisuu qaba.
- ✓ Abbootti Gadaa abbootti amantaa fi geggeestoonni aanaa weedduun daboo kun dhiibbaa amantaa irratti siyaasa irratti akka hin geessinee hawaasa hubachisuun kunuunsuu.
- ✓ Waajjirri aadaa fi Turizimii Aanaa Giddaa Ayyaanaa fi Haroo Limmuu weedduu daboo aanichaa keessatti gaggeeffaman sagaleef Vidiyon waraabuun funaanamee barreffamatti hiikuun osoo ka'ani.

- ✓ Weedduu Daboo qabiyyeef faayidaa isaanii irratti hunda'uun utuu qabiyyee barnootaa keessa galanii. Barsiisoonni Afaan oromoo fi hojjetoonni Ogummaa kanatti hidhata qaban dhimmaa weedduu daboo kana irratti osoo bal'inaan hojjetanii.
- ✓ Weedduu yeroo, haamaa, weedduu yeroo midhaan dhahinsaa, weedduu yeroo gargura hidhaa. Weedduu yeroo haraman weedduu yeroo daakuu daakanii weedduu yeroo aanaan raasaa fi weedduu yeroo tumaa midhanidha.

WABIILEE

- Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa: Yaad rimee Qorannoo Hujoo*. Fininnee.
- Asafaa Tafarrraa (2006). *Anaaniyaa. Finfinnee*: Biranna Enterprise.
- Asafaa Tafarrraa. (2009). *Eela.Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading plc.
- BBO (1991) .*Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Jildii IV. Finfinnee
- BBO (1993). *Afoola Oromoo Sirba Warroommii ...Geerarsa Jildii I*. Finfinnee
- BBO (1999).*Afoola Oromoo Tuulamaa: walaloo geerarsaa, faaruleefi sirboota addaaddaa*.Jildii II.fifinnee
- Bascom, W.R. (1965). *Functions of Folklore*, in Dundes, A.1965.The study of Folklore Burkely: Printice-Hall, Inc.
- Ben Amos. (1975). *Towards a Definition of Folklore in Context*. (Reading in American folklore). Newdeli: South Asian Publishers ltd.
- Bukanya, A.et al (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi: Nairobi University Press
- Dorson, R (1972).*Folklore and Foklife: an Introduction*. Chicago:the University of Chicago and London.
- Dundes, A. (1965). *The Study of Folklore*. Berkeley: Prentice-Hall, Inc.
- Elliott Oring (1986). *Folk groups and Folklore Geners*.Utah state university press.
- Eshete Gemedu (2007). *African Sociiety and Egaliterian values.Oromo Folklore literature and Studies in a Contemporary Context*.ph D Thesis.
- Fedhesaa Taaddasaa.(2013).*Subii.Bu'uuraalee Og-barruu Oromoo*.Finfinnee.
- Fennegan Ruth (1970). *Oral Poetry: Its Nature and Significance and social context*. Cambridge: University Press
- Gemmechu Bekele (2003). *A study of major themes in some selleted songs of IlfineshKeno*.Unpublished MA theses, Addis Abeba University.
- Georges, R. A and Jones, M.O. (1995). *Folkloristic: An introduction. Biloomington and Indiana polis*: Indiana University Press.
- Muktar Hasan (1994). *Some significance Oromo folk songs: with specific reference to Jimma*.Unpublished BA Thesis. Addis Ababa University.
- Okpewho (1992) *African Oral Litrature*.Indiana University Press. New Encyclopedia Britanica (1993, vol.11)

- Richard B.(1992). *Folklore cultural performances, and popular Entertainments*. New York: Oxford University press.
- Robert A.Georges and Michael Owen Jones (1995:170). *Folkloristics an introduction*. Indiana University press.
- Singh K. (2007). *Quantitative Social Research Methods*. India: Sage Publications India Pvt Ltd.
- Sumner, Claude. (1996). *Oromo Wisdom Literature: Oromo Folktales*. Addis Ababa: Centeral Printing.
- Sumner, Claude (1996). *Proverbs, Songs, Folktales.An Anthology of Oromo Literature*. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation.
- Wasanee Bashaa, (1993). Qabee (lakk.4). Finfinnee: Comercial Printing Enterprise.
- Zoltan D. (2007) *Research Method in Applied Lingistics.Quantitative, Qualitative and Mixed Methodologies*. Oxford: Oxford University Press.

Dabalee A

Cheek liistii gaaffilee afgaaffiif dhiiyatan

YUUNIVARSIITII JIMMA

KOLLEEJJII, SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITIITTI

MUUMMEE BARNOOTA AFAANOROMOO FI OGBARRUU

Naannoo oromiyaa godina wallagga bahaa aanaa giddaa ayyaanaaf haroo limmuu weedduun daboo ergaa inni of keessatti qabu ilaachisee afgaaffii dhiyaate .duraan dursee galma gahiinsa qarannoo kanaatiif ragaa naaf kennuuf hayyamamoo ta'uu keessaniif isinin galateeffadha .kaayyoon guddaan gaafannoo kanaa xiinxala ergaa weedduu daboo hawaasa oromoo ilaachisee ragaa funanuufidha ragaa naaf kennitanis galma gahiinsa hojii qorannoo kanaatiif murteessaa waan ta'eef hanga danda'ametti haala qabatamaa hawaasa keessa jiru irratti hundoftanii amanamummaan akka naaf kennitaniif kabajaan isin gaafadha.

maqaa ----- saala-----umurii -----

Teessoo;aanaa-----ganda -----gahee hojii-----gaffilee afgaaffii

1 faayidaan weedduu daboo maalii? Mee natti himaa /

2 qabiyyeen weedduu daboo maal maalii ?

3 mee weedduu daboo beektan natti himaa

4 akka aanaa kanaatti weedduun daboo haala maalii irra jira ?

Galatooma!, Umurii dheeradhaa!

Dabalee B

KOLLEEJJII, SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITIITTI

MUUMMEE BARNOOTA AFAANOROMOO FI OGBARRUU

maqaa ----- saala-----umurii -----

Teessoo;aanaa-----ganda -----gahee hojii-----gaffilee afgaaffii

1. Walaloon weedduu daboo kanaan maal fa'a jechuun akka weeddifamu dhaggeeffachuun daawwachuu
2. Hariiroo weedduun daboo jiruuf jirenya hawaasa wajjiin qabu haala kamiin akka ibsamu dawwachuu
- 3 .Weedduun kun eessatti akka weeddifamu daawwachuu

Galatoomaa!, Umurii dheeradha

Dabalee C

Seen dubee namoota Af gaaffif dhiyaatanii

<i>T/ I</i>	<i>Koodi i</i>	<i>Maqaa</i>	<i>saal a</i>	<i>um urii</i>	<i>aanaa</i>	<i>Ganda</i>	<i>G hojii</i>	<i>Sad.Ba r.</i>	<i>Guyyaa</i>
1	AK	Akkasaa kumsaa	dhi	60	Haroo limmu	Goobu Guddaa	q.bulaa	2	8/6/2014
2	AK	Abdiisaa Kabbadaa	dhi	60	"	"	"	6	12/6/2014
3	LD	Lamuu Dallanaa	Dhi	61	G/AYYAANAA	Kaamelaa	"	6	18/6/2014
4	ON	Oliiqaa Nagaroo	Dhi	60	"	KUUbee	Q BULaa	0	18/6/2014
5	TI	Toleeraa Itichaa	dhi	60	Haroo Limmuu	kalaala	Q bulaa	5	8/8/2/14
6	HB	Haraaree Baayisaa	du	60	G Ayyaanaa	G guddaa	Q bulaa	0	8/8/2014
7	XG	Xuree Gobanaa	du	60	Haroo limmuu	kalaala	Q bulaa	0	5/8/2014
8	TQ	Tasfaa Qixxeessa a	dhi	38	Haroo limmuu	Kalaala	H mootumm aa	digirii	5/9/2014
9	DW	Dassaalee waqtoolee	dhi	40	G/ayyaanaa	G0/Guddaa	H0/motum maa	digirii	8/9/2014
10	NG	Nagaroo Guddinaa	dhi	20	H/limmuu	Kalaala	Q bulaa	12	7/10/2014
11	CM	Caalaa Margaa	dhi	23	h/limmuu	kaalaaa	Q bulaa	9	8/10/2014
12	SI	Sooromee Ittafaa	du	23	H/limmuu	meexxi	Q bulaa	8	6/10/2014
13	BM	Boontuu Margaa	Du	28	G/ayyaanaa	Goobuu guddaa	Q bulaa	12	8/10/2014

Dabalee D

Seen duubee namoota dawwannaaf dhiyatani

T/I	kooddii	maqaa	saala	umurii	Aanaa	ganda	G hojii	Sad baru	Guyya ragaan fudhame
1	MW	Margaa waaqnaa	dhi	53	G/Ayyaanaa	Goobu	Ho /mootummaa	dip	7/10/2014
2	YH	Yaadanii H aylee	Du	18	"	kamelaa	Q bulaa	9	3/8/2014
3	HF	Hayilee Fufaa	Dhi	58	"	Goobu	Q bulaa	11	8/9/2014
4	YG	Yadataa Getaachoo	Dhi	27	"	kamelaa	Q bulaa	5	7/8/2014
5	KA	KUmee Abdiisaa	Du	40	Haroo limmuu	kubee	Q bulaa	7	5/8/2014
6	GS	Geexee simaa	Du	39	"	meexii	Q bulaa	8	8/6/2014
7	SG	Soorii Getaahun	Dhi	30	Haroo limmuu	Kalaala	Q bulaa	3	6/10/2014

Dabalee E

Suuraa namoota daboon haamaa hamanii



Fakkii yeroo xaafii haamaa ganda goobu guddaa

Dabalee F

Yeroo xaafii haamaa ganda kalaalaa

